# النصيحة الكبرى

# GORSA HANGAFAA NAMA HAQAA BARBAADUF



الأورومية

سلطانة
Sultanah

# *Hangafa Gorsa Ol'aanaa Dhaloota Haarawaaf*

**Carraa Amantaa Sirrii ta'e Beekuudhaaf**

**Qabdu Wallaalummaa dhaaf Ittiin hin Fayyadamin!**


## *Qopheessan*

## *Umar Arsii*

***Kan Afaan Amaaraa irraa Oromiffatti Hiike***

***Abdurahmaan Huseen (BED)***



***June , 2010***

***Hangafa Gorsa Ol'aanaa Dhaloota Haarawaaf***

**Carraa Amantaa Sirrii ta'e beekuudhaaf Qabdu Wallaalummaadhaaf Ittiin hin Fayyadamin!**

***<u>Maxxansa 1ffaa</u>***
***<u>Umar Arsiitiin</u>***

**Fulbaana 1996**
**Finfinnee**

## Galata

Kitaaba kana maxxansuuf, qaama qarshiin na gargaare, kompiitaraan barreessuun, sirreessuunis qooda guddaa kan gumaachaniif, qajeelchuu fi kitaabotii ragaa heddu dhiheessuun kan nagargaaranii fi gargaarsa hamilee fi meeshaa akkasumas wanta kamiinuu obboleewan naaf gumaachan hundaaf galata kan koo guddaa dhiyyeessaa, Rabbiin nu hundaafuu mindaa/jazaa/ keenna Jannataan akka nuuf kafaluuf ni kadhadha.

## Mirga

Kitaaba kana irra deebi'anii maxxansuuf afaanota adda addaatti hiikuudhaan da'iwaaf warroota oolchuu barbaadan hundaaf mirgi guutuun kennameef ni jira.

## Baafata

***Mata duree*** ***Fuula***

Dursa ........................................................ 5

Seensa ........................................................ 8

Amanataa Wal-bira Qabuudhaan Fudhachuu/Filachuu 12

Ragaalee Yasuus ergamaa ta'uu.......................... 20

Yasuus Israa'eliif qofa Ergamuu Ragaa Macaafa Qulqulluu.........25

Maaf Nabiyyii Israa'elootaa Ta'e? .......................... 27

Qur'aanni Yasuus ergamaa Israa'el ta'uu Maal Jedha? ... 31

Dhugumatti Yasuus Qaama Sillaasee Ta'uu Barsiisee Jiraa? ..... 32

Barumsa Sillaasee Dura Maaltu Ture? ...................... 42

Yasuus Fannifame Yaada Jedhu Irratti Dhoksaa Jiru .........46

Kakuun Haarofni Yasuusiin hin Barreeffamne................ 53

Qoodamni Amantaa Kristaanaa Raajii Qur'aanaan Dubbatame ... 57

Macaafni Qulqulluun Wa'ee Muhaammad S.A.W Maal Jedha?... 70

Deemsa Hajjiitiif Gara Makkaa Raga Macaafa Qulqulluu .........93

Goolaba ........................................................ 107

## Dursa

## Maqaa Rabbii Qananii Xiqqoo Gudddoon Waan Uume Hunda Qananiisuutiin

Galanni Rabbii mootii Adunyaatiif haata'u. Nagahaaf barakaan Xumura /goolaba/Nabiyyoota hundaa kan ta'aniif Nabi Muhaammadiif maatii isaanii daraboo isaanii /sahaabota/ hanga guyyaa kaafamaatti akkasumas nama karaa isaanii hordofe hunda irratti haa ta'u.

Kanatti aansuudhaan, obboleewwan keenya kan kiristaanotaatiif, Qur'aana ifaa adunyaa ta'e kan Nabiyyii xumuraa Muhammad (S.A.W) irratti bu'e hundaa'uudhaan waamicha gara Rabbii tokkootti gochuu ni barbaadna. Kunis, itti gaafatamummaa hawaasa muslimaa kenname yoo ta'u, yeroo ammaan tana, itti gaafatamummaa kana ceem'uu irraa kan ka'e "wangeela Muslimaan gayuuf" 'ajandaa' jedhu qabachuun, warroonni wangeelotaa kan qe'ee keessa socho'aniif, dhiibbaan isaan Muslimtota amantaa isaanii irraa deebisuuf taasisan. haala salphatti kan tilmaamamuu miti. Balaa kana ufi irraa deebisuuf warroonni waamicha Islaamummaa geggeessan mala waamicha yeroodhaaf haala adunyaa giddu galeessa godhateef xiyyeefannoo keessa galfate irratti hanqinna waan qabaniif, karaa sirrii ta'een ogumaadhaan geessuu hin dandeenne.

" Gooftummaa Yasuus" hawaasni Muslimaa akka irraa ffudhatuuf gaarri isaan hin baane hin jiru, daangaa daangatti asii achi bira · maruun, mala adda addaatiin. amasiisuudhaaf ni yaalan malee, jala

muranii garaa guutuudhaan ibsuudhaaf'ni rakkatu. yeroo tokko tokko "Yasuus Gooftaa" Gooftaa ta'uu dhabuu isaa Yasuus ufumaa isaatiiyyuu waan dubbate. bu'ura godhachuudhaan yoo gaafataman immoo, "Ilma Waaqaati "Jechuun yaada isaanii kalatti takko irraa gara birootti ni geeddaru. Haala ifaa fi gadi dhaabattaa ta'een hin barsiisan.

Yasuus wa'ee ufii yoo dubatu "Ilma namaa" osoo jedhu, akkamitti Ilma waaqaa ta'a jedhamanii yoo gaafataman, Guutumaa guututti waaqas akkasuma namas. jechuun goolaban.

Yeroo ammaan tanaa, Qur'aana irraallee waan tokko tokko jallisanii fudhachuudhaan, Muslimni amantaa isaa akka gadi dhiisu taasisuudhaaf ni yaalu. Kana irratti, hawaasni Muslimaa, ufieegannoo guddaa taasisuu qaba. Wanti kuni akka uumamu fi dhufuu jiru Rabbi durumaa dursee Qur'aana keessatti akkeekkachiisee ni jira.

"Yaa warra Rabbitti amane, yoo dubbii jara Yahuudaatiif Nasaaraa dhageesan, eega amantanii kufiriitti isin deebisan" 3:100

Waan ta'eef haalli raawatamaa jiru Qur'aana keessatti wanta himame waan ta'eef, Muslimni ifaajuuf damaqinnaan amantaa ufii eegachuu barbaachisa.

Hawaasaa Muslimaatiif bay'ee waan yaaddawan fakkaachuun, sadarkaa adunyaatti keessattu hawaasni Muslimaa gooftummaa Yasus akka fudhatuuf ji'a ramadaan warrotiin Wangeelaa kadhannaa kan nuufi taasisan" dhugaan isaan beekuu qaban ni jira. Sunis, ragaawwan seenaa kan kitaaba kana keessatti ibsamani, irra hedduun isaanii kitaaba kristaanotaa irraa kan fudhataman waan

ta'amii f, mee akka ufi arga daawitee/ fuuldura keessan keettanii xiyyeeffannoon ilaalun qabdu. Dhaloonni yeroo amaan tanaa garuu, dogongora dhaloonni darbe taawwatan sirreessuu qaba malee kara isaan murteessan irratti deemuun, jiruu bara baraaf abdiin kennan amansiisaa waan hin taaneef kanas beekuudhaaf, carraan ammaan tana waan ta'eef, ufi eegannoo godhachuu qabdu Xumurairratti aayaata Qur'aana itti aanuu, kitaaba kanaan walbira qabaa.

Yaa ergamaa kiyya Muhammad, "Jedhi yaa warra kitaabaa (Yahuudaa fi Nasaaraa) haqaan alatti amantii keessan keessatti daangaa hin dabrinaa, feedhii warraa isiniin dura akkaan jallatee hedduu jallisee jala hin deeminaa. Ka karaa qajeelloo irraa jallatan." 5:77

Dhaloonni ammaan tanaa wanta jedhamu qofa dhagahee itti fufuu irra, madaalli gubbaa kaayuun, qulqulleessee, filannoo amantii sirreeffatuu ni qaba.

Rabbiin gara amantaa qajeelaa nu haa masaku.

## Seensa

Yeroo amaan tanaa, adunyaa teenna irratti, amantooleen hedduu jiraachuun, yeroo adda addaa, amantooleen haarawaa uumamuun, ilmi namaa Rabbii isa uumee ajajamuu /tole jechuu/ sababoota dhoorgan keessa, tokko ta'uu ni danda'a. Gara birootiin, namni uumamaan dagataa waan ta'eef, jiruu ofi fuul-duraa dagatuudhaan, fedhii adunyaa tanaa qofa guutachuu qofa irratti kaayoo hundaaye qahateee kan deemu arguun, nama amantaa qabuuf baayyee suukaneessaadha. Boru waan uumamu hin beekamu waan ta'eef, hardha nyaadhee du'a worroonni jedhani, Rabbiin haalli isa nama dinqisiisaa ta'een, yoo tasa du'aan qixaaxe, ganda lameeniiyyuu osoo hin fayyadamini hafa. Qabeenna walitti qabate nyaatee, dhugee, uffateetiif fedhii adduniyaayyu osoo hin guuttatin, kalattii hin beenneen, balaan du'aa mataa isaa irra maraa, jiruun isaa tan hafte, fira siree ta'uun eega dabarsee booda, duuti isaan hafne isa fudhati.

**"Orma kuffaaratti, addunyaan bareechifamteefii jirti, ormikuffaaraa sun, orma Rabbitti amanee aakiraa jaalatu ni tuffatu, itti boonu, waan ufii addunyaa argatanii isaan dhabaniif jecha. Ammoo warri Rabbitti amanee, aakiraa filatee, Rabbi sodaate kan ormi kuffaaraa hara'a ufii gaditti isaan laalu. Guyyaa qiyaama'aa sadarkaan isaanii orma kuffaaratii oli. Rabbiin nama fedheef lakkooysan maleetti kennaa isaa ni hira, addunyaa fi aakiratillee."** 2:211

Eega sanii hoo, eega sanii boodammaa, ganda boodaatti qooda wayiituu hin barbaadu morteejedhu ufi irratti kan dabarseef Rabbii isaa osoo tole hin jenne, lubbuun isaa waan darbiteef, adabbiin

guddaan akka isa eeggatu, kitaabota amantii keessatti waan murtaa'e waan ta'eef, ibidda jahannam keessa ni seena.

"Nuti haqaan kijiba darbanna, duuba mataa keessa dhayeeti ajjeesee deemsise. Duuba akkasitti kijibni deemee dhabama. Isin warri Rabbin ilma qaba jettan azaaba /qixaaxa/ jabaatu isiniifi jira." 21:17

Adabbii akkanaa irraa nagaha bayuuf tokkummaa Rabbii raga bahuu fi karaa isaa irratti qajeeluun barbaachisa. Dursee, jiraachuu ohnee guutuun amananii fudhachuu waan nurraa eeggamu yoo ta'u, kunis uumamni hedduu kan amanuudha. Haata'u malee, booda sanii amantaa warra 'Ayihuudii kan duriif kan ammaa birattisi ni beekkama. Rabbiin

Rabbii isaa tole jechuuf karaan kam gaafii jedhu deebisuudhaaf beekkumsa hundee amantaa hundaa irraa fudhachuu isa barbaachisa. Fedhii gartummaatiin guutamanii "Keennatu Caala" Jechuun, daangaa beekkumsaa keenna dhiphisuun, ufi irratti haguuguu waan ta'eef qaamonni amantaa biro hundinuu, seera bulmaataa amantaalee qajeellotti qorachuudhaan, balbala beekumsaa banuun ni danda'ama.

"Garuu waan hundumaa qoraadhaa isa gaarii jabeessaatii qaba dhaa."

1. **Gara Warra Tasaloniiqee 5:21**

Kanaafuu, tokkoochummaa Rabbii fi Muhaammad (S.A.W) Nabiyyii ta'uu isaatti warroonni hin amanne, dubbii Islaamummaa oso hin tuffatan amantaa Kriistaanaatiini wal-bira qabanii hubatuudhaan beekkumsa gayaa argatanii, gara amantaa isa sirrii ta'etti akka deebi'ani, Rabbiin samuu isaanii akka beekumsaaf itti

fayyadaman isaanii haabanu jedhaa, kitaaba kana"Gorsa Oli'aanaa dhaloota haarawaaf" mata duree jedhuun qopheessinee "Carraa amantaa sirrii ta'e beekuudhaaf qabdu wallaalummaadhaaf ittiin hin fayyadamini!" mata dure jedhu jalatti dhiheessinee jirra.

"Rabbiin azaaba jabaa ummata biyyoota saniitif qopheesse. Yaa warra aqlii /sammuu woyiin yaaddan/ guutuu qabu Rabbi sodaadhaa. Isin yaa warra Rabbitti amane, Rabbiin dhugumaan qur'aana isinii buusee jira. Ergamaa isa Muhammad isini ergee jira." 69:9

Yeroo ammaan tanaa, ilaalchii fi walitti dhufeenyi sirrii hin taane gidduu Islaamaatii fi kristaanaatitti ture, haqamuu qaba. Waan kana ta'eef, walitti dhihaatuun, waliiyaaduu, wali irraa baratuu, yaada wal-jijjiiruu fi mari'achuun baayyee barbaachisaadha.

Barumsa amantaa kan dure keessattis ta'e barumsa hammayyan keessatti, tokkummaan waasadiinii tiifi yookaanii ammo edaasaan waasadiinii tokko ta'uun, gonkumaa hin beekkamu. /icciitii silaase/ wanti jedhamu nabiyyoota Yesuus dura turan birattis hin beekamu ture. Bara Yasuusii fi Yasuus boodas hanga waggaa dhibba sadiin duraa amantaa warra Ayihuudii kan durii kan ammaa birattis hin beekamuu ture. Haala seenaa dhufeenya isaa kitaaba kana keessatti kan xiyyeefannoo baldhaa itti keninu waan ta'eef, ka'uumsaaf garuu Jecha Macaafa qulqulluu tokko fudhachuudhaan, /icciitii sadiinii/ baruumsi jedhu kan Macaafa qulqulluun hin mirkanoofne ta'uu ni hubanna.

Yasuus ammo, "Eegaa isin hin sodaatinaa! Wanti haguugames hinjiruu, wanti dhoksaa kan dhoffames hin jiruu." Jedhe.

**Wangeela Maatewos 10:26**

Amantaan Kristaanaa, barsiisonni tokkummaa waaqaa kan ibsaniin, dhoksaadhaan yoo ta'u, dhoksaa /icciitii/ sadiinii namni kamuu akka ibsuu hin dandeennetti akeekachiifama. Dhimma kana ilaalchisee, qorattoonni hedduu, hubatuuf hubachiisuu hin dandeenne. Hin danda'amus sababnis Rabbi tokkicha waan ta'eef. Namni tolchuu hin danda'u.

'Tee'ooloji' ilaalchisee hayyuun tokko akkana jedhe. "Tee'oolojiin baruumsa ufiifuu hin hubatin nama biro hubachiisuuf yaalii godhamuu Kaayoon isaallee, dhugaa dubachuuf osoo hin taane, nama gaafate gamachiisuudhaaf" jedhe Albert Hubardi

*Heeraaldii Itiyoophiyaa irraa*
*Jimaata /June16/2000 irraa kanfudhatame*

"Diinan, yookaa amantiin haqaa Rabbi biratti, diinaa Islaamaa fi, warri kitaabni kennameef yahuudaa Nasaaran beekaatii kara diinaa islaamarraa maqaan malee, wallaalanii miti, eeguma Rabbiin kitaaba anbiyaa isaanirratti buuse keessatti karaa diinaa haqaa isaan barsiisaniiyi waldhabanii irraa maqan. Wanni wal-dhabaniif wal waanyuudhaaf jecha, yoo diinaa islaamaa qabanne mootummaa dhabnaa sodaaf, jedhuuf namni aayata Rabbii moromu, kan itti kafaru adabamuuf jiraata." 3:19

## Amantaa Wal-bira Qabuudhaan

Namoonni tokko tokko, qodama amantaa kristaanaa irraa kan ka'e, wa'een amantaa ifatti waan beekkamuu miti jedhanii amanu. Maaliif amantaa Islaamummaa baruuf hin yaallee yoojedhaniin deebiin isaan deebisan"Arabiffa waan hin beeknuuf" jedhan. Kaayoon barreeffama kanaa guddaanis "Arabiffa hin beeknu" dhibee jedhuun loluudhaaf /yaada jedhu hanbisuudhaaf/. Malli ittiin deebisanillee, dhugaan eessa akka jirtu akeekuudhaan, dhugaa barbaadatoota fayyaduudhaaf ta'aa barreeffama kanaan alaattis, Islaamummaa irratti xiyyeefannoo kennuudhaan qooqa hawaasa addunyaa hedduun hiikkamee odeefannoowwan darbaa jiran (Information) argachuudhaaf, wal-jijjiirraan raga yeroo yeroo kamiinuu caalaa mijaawaa waan ta'eef, qooqa Arabiffaa hinbeeku jechuun, gaafii addunyaa lamaffaatiif deebii gahaa hin ta'u. Arabiffis yoo ta'e, qooqa kamiinuu ulfaatinnaan adda kan ta'ee waan hin taaneef, yeroo gabaabaa keessatti baratanii, wa'ee amantaa Islaamaa, hunbannoo gayaa argachuun ni danda'ama. Hojiin barbaadatuufuu qo'atama ni jiraa mitii?

Dhibee sammuu kan biro ta'ee onnee namaa keessatti bulmaatni amantiiwwanii fi qulqullinni, keessattuu kan kitaaba kristaanaa Islaamaa burqaan isaanii kan Rabbii ti. Seera amantaa Islaamaa kan ta'e, Qur'aanni ulfaataan qulquliinni isaa kan eegameef kijiba irra kan fagaate waan ta'eef, Qur'aannuu haala gahaa ta'een ni barsiisa. Rakkoon guddaan kan jiru, xiyyeefannoo (fedhii) dubisaa dhabuudha.

"Qur'aanni, kijibni isa duraan fi isa boodaa illee itti hin dhufu. (kitaabni isa dura yookaan booda bu'ee isa kijibsiisu hin jiru.

Wanni isa keessaa jiru hundi dhugaa, gama tokkoolleen, kijibni itti hin seenu. Rabbii dalagaa isaa hundarratti faarafamurraa buufame yookaa dhufe". 41:42

"Si Ormi dubbii tee didu sun Qur'aan akkaan keessan laalanii? Odoo silaa Qur'aanni waan nama Rabbin hintayin biraa kan dhufetaye silaawaldhaba hedduu keessatti argan." 4:82

Haata'u malee, ṣeera bulmaata kristaanota kan ta'e macaafni qulqulluuni dogongora akka qabu, kitaabuma Kristaanotaatiinuu, kan dubate, akka armaan gadiitti dubisna.

"Dhugumatti, macaafni qulqulluun harkaan kan gara galfame yeroo waggoota 3,000 keessatti dogongoroota osoo hinyaadamini kitaaba keessa seenan (yeroo kitaabni gara galfamutti jechuudha) macaafa keessaa qulqulleessuuf, waggoota 100 darbaniitti baayyee ciminnaan hojatameera. Ufi eegannooni fedhes adeemsifamee dubbisni irra dedeebiinnaan raawtamus, kitaabonni maxxanfamanii baafaman, yeroo kamuu dogongora akka qabaatuu danda'an, namni kitaabni gaye hunduu ni hubata.

"Gaafiiwwan Muslimtootaaf deebiwan Kristaanotaa" fuula 11-kitaaba Gerahard Nelsi barreesse irraa kan fudhatame.

Dinqi fi Ogummaa Qur'aan kabajamaa haala gahaa ta'een beekuu dhabuurraa kan ka'e, namoonni hedduu Islaamummaan ala akka ta'an isaan taasisee jira. Dabalataanis, amantaa dhugaa beekuudhaaf wandhaassoon godhamu, waan nama jajjabeessuu miti. Keessattu, ufituultonni tokko tokko inumaa, Qur'aan garagalchaa macaafa qulqulluu malee, ufii isaatii kan ufi dhanda'ee miti jedhanii tilmaamu. Dhugumatti, jecha isaanii kanaaf, ragaan

isaan dhiheefatani amansiisaa miti. Qur'aanni Rabbi irraa, karaa Jibriiliitiin, Nabiyyii Muhaammad (S.A.W) jecha jechaan kan buufame ta'uu isaatiif, barreessitoonni, seenaa hin jalifne fi kan seeraan barreessan, akkasumas qorattoonni seenaa, haala hedduun mirkaneessanii jiru. Seenaa biras dabree, saayinsiin hammayyaan, keeyata qur'aana keessa jiran, (argama) saayinsiin yeroo dhihoo keessatti argame wojjiin walisimatuu isaatiin, Qura'aana jechuun wonta sammuu namaatiin kaayame (barreefame) yookaan qorannoo ilma namaa biro irraa kan garagalfame, akka hinta'ne mirkaneeffatanii jiru.

Fakkeenyaaf, yeroo dhihoo keessattu jaarraa 20ffaa fi 21ffaa keessatti, meeshaa hammayyaatiin mana qorannootitti qoratamee, argamni irra gahamani jaaraa 7ffaa keessatti. dachee Arabaa keessatti, yeroo saayinsiin hamayyaa itti hin guddanetti, Qur'aan keessatti "keeyyattoota" adda addaatitti, ibsamee (himamee) argamuun isaanii, Qur'aanni sirrii ta'uu isaatiif, raga guddaa ta'anii argamanii jiru.

"Keeyattoota" Qur'aan kaneen keessaa, tokko tokko akka armaan gadiitti dhihaatu.

1) "Dhugumaan abbaa namaa Aadam Uumnee jirra, gosa biyyee hedduu kan bordoda godhamerraa. Eegasi nama biyyeerraa Uumne san, maniyyii yookaa bishaan namni irraa dhalatu goone, Bakka maniyyiin yookaa bishaan ilmaa tayu taa'u keessatti /gadaamessaa/ saniif qopheefame, kan wanni itti naqame badurraa tiyafame." 23:11-14

Qorannoo Imbiriyoolojii hamayyaatiin wajjin, guutumaan guututti

tokko ta'ee argamee jira. Mirkaneessaallee argatee jira.

2) "Rabbiin dachii Uumefi gaara keessa dhaabe, akka dachiin isiniin hin sossoonef jecha. Ammallee lagootii hedduu Rabbiin Uume, akka irraa dhugdaniif obbaafattaniif jecha. Ammas Rabbiin karaa hedduu lafarratti Uume." 16:15 Ji'olojii hamayyaatiini walisimata.
3) "Si hin garree, akka Rabbiin duumessa itti oofu, kan eegasii duumessa adda faca'ee jiru walitti qabee, muraa takka qofa godhu, space walirratti tuulee tuutteessu tulu'uu. Rooba ija teetin agarta, isa qaawa duumessa san keessaa bayu, sami irraa ni buusa, duumessa akka gaaraa kan samii keessa jirurraa cabbii buusa. Duuba cabbii saniin nama fedhe tuqee midhaanifii ooyruui horii isaa duraa dhawee balleessa. Ammoo nama fedherraa balaa hancabbii ni qaba. Ni dhiyaata /Ifni hangaasuu isaa/ ija nama butuu /baaysuu/tti dhiyaata." 24:43
(Meteroolojii wajjin walisimata)
4) "Si warri Rabbi moromu, hin beynee? Akka samiifii dachiin, kutaa takkittii kan qaawni jidduu hin jirre, walitti maxxantuu taate? Kan eegasii adda buqqifnee. Bishaan samii bu'uufi dachii bayuun waan hunda jiraachifnee." 21:30

(Nikuleeri Fiiziksiifi Bayoolojii wajjin wolisimata)

Kanaafu, dubistootaaf dhimma sammuu keenyatti ulfaatutu jira. Nabiyyii Muhaammad (S.A.W) akkuma jedhamaa ture Qur'aana Macaafa qulqulluu irraa yoo kam garagalchan ta'e, argamoonni saayinsii kunniin, Maacaafa qulqulluu keessaa iddoo kamii fudhataman?

Amma akka murteedhaaf nuutolutti hubannoon dhugaa tokko kan xiyyeefannoo keessa galuu qabu jira. Sunis Nabiyyii Muhaammad (S.A.W) sadarkan baruumsa isaanii hangami kan jedhu beekuudha. Akkuma jedhame Macaafa Qulqulluu irraa yoo garagalchuu baatani tasa filsifinnaa (fakkeesuu ufii) itti dabalani jedhamee shakkamuun ni mala. Haata'u malee, Nabiyyi Muhaammadi (S.A.W) beekkumsa saayinsii beekuu mitii, maqaa isaaniituu barreessuu dubisuu hindand'an. Qur'aana afaanuma isaaniitini hordoftoota isaanii barsiisaa kan turanii, Qur'aanni eega bu'ee dhumatee booda barreefame malee, garagalchuudhaan miti ifaa aalama ta'ee kan dhihaate. Amantaa Islaamummaa barachuudhaal onneeni isaanii waan hinfeeneef, karama qabatanitti itti fufuudhaafi kan filatan heeduudha.

Hojii falaasfaa (fakkeessaa) tokkoo fudhatanii Qura'aana keessa seensiftani jedhan yaadamuunis nimala. Ilaalcha akkanaa kanaaf deebiin bayee salphaadha. Falaasficha san maqaan,fi gayeen (dandeettiin isa) maaliidha? Shakkiin hojii nama biroottu fudhatame Qur'aana keessa galee jedhamee yaadni dhiheeffamu fudhatama hinqabu. Keessattu qorannoon Imbriyoolojii hammayyaa, Qur'aanaaf Hadiisa irratti qorannoo hundaa'een adeemsisuuf uumamni ilma namaa asii olitti ibsame, baayyee carraa guddaa ta'uu isaa, qorattoonni ragaa sayinsiitini deegaruudhaan nidinqisiifatu.

Nuti namoonni saayintistoota hintaane amannee fudhachuun maaf nudhibe?

Rabbiin ilma namaa hunda Islaamummaa irratti uumuu Qur'aanni ni barsiisa. Jecha kana kristaanonni hedduu hin fudhatan. Inumaa

warroonni kana dhagahu udhaan kolfanillee hin dhabaman. Haata'u malee, gaafiin tokko yoo isaanii dhiyaate deebisuu hindanda'an. Yoo Rabbiin ilma namaa Islaamummaa irratti uumuu shakkan, eegaa kristaanummaa irratti uummee? Deebiin yoo ee yye jecha taate, Kristaanonnii maaf ilmaan isaanii cuuphan (Kristaanumaa kaasani)? Islaamonni ijoollee isaanii waan uumaman Islaamummaa irratti dhalatuu waan beekamiif osoo fooyya'iinsa amantaa tokkoo hin taasisini amantama Islaamummaa kan isaan irratti dhalatani irratti ni gudisan. Kunise ilmi namaa amantaa Islaamummaa irratti dhalatuu ifa hin taasisuu? Osoma jennuu, dhaloota kristoosi dura, amantaa kristaanummaa akka hinjiraa beektuu? Aadamuu kiristaana ni jettuu?

Yaada kana kan walitti araarsu Qur'aana Kabajamaa qofa. Kababnis ilmi namaa kamuu Islaamummaa irratti dhalatuu isaan ifatti nama barsiisa.

"Yaa ergamaa kiyyaa Muhammad, Rabbii keetii qulqulleessii mirqaanan itti gara galii dalagi, siifii ummanni kee amantii kijibaa hundarraa gara amantii Islaamaa gara amantii dhugaa jalladhu, amantii Islaamaa kana qabadhu siin jenne waan Rabbiin nama irratti uume /namni hundi isaa Islaamummaa irratti dhalata/ Islaamni waan Rabbiin iraatti nama hunda uumee. Uuman Rabbii hin jijjiiramtuu, hin jijjiirinaa. Amantii qajeelan, kan Rabbiin irratti nama uume sani amantii Islaamati. Haa tayuu irra hedduun namaa akkas hin beekani." 30:30

Seerri amantaa Kristaanaa immoo, ilmi namo hundi Kristaanummaa irratti Uumamuu isaa hinbarsiisu. Kana irraa waan hafeeni, Islaama jechuun hiikni isaa Rabbii ufiitii ajajamuu yookaa

tole jechuu, Rabbi guutumaan guututti ufkennuu jechuudha. Macaafaa qulqulluu keessattillee nabiyyoonni maqaan isaanii dhahame, Yasuus nillee dabalatee hundi isaaniituu kan barsiisaa turani ilmi namaa akka Rabbii isaatii tole jedhu ture.Waaqa isaan uumee bulaa jechuun, warroota Islaama ta'aniin maal gara garummaan? Jechuun nabiyyoonni hunduu Yasuus dabalatee ilma namaa kan barsiisan, karaa Islaamummaati malee, karaa Kristaanummaa hin turre. Yeroo tokko ifa taasisuufi, Qur'aana irraa ilaaluun barbaachisadha.

"Nabi Iisaan hoggaa Yahuudan isaa kijibsiiftee inumaa isa ajjeessuu muratuu isii beeku, asaabota isaatin eenyu namni na gargaaree /tumsee/ karaa Rabbii wajji yaanu jedheeni. Jennaani, hawaariyoonni warri dura dursoo itti amanan akki jedhan, nutu sii tumsee si wajjiin dhaabbata, nuti Rabbii tokkichatti amannee, yaa nabi Iisaa akka nuti Islaama taane raga nuu bayii jedhani."3:51??

"Eenyu namni kijiba Rabirraa kaayeemiidhaa dalage Isaa yoo Islaamatti yaamamu, kan bakka qeebaluun irraa barbaadamu kunfalfala jedhee kijibsiisu. Rabbiin warra cubbuu dalagu waan gaaritti hin qajeelchu."61:6?

Waan kana ta'eef, ilma namaa hundaaf, carraa kanatti fayyadamuudhaan wanti nuti dabarsinu, waamichi qulqullu hordofanii, amantaa wal-bira qabuu irratti kan hundaa'e malee, fedhii qofaan yookaan jibbaa qofaan fuula gara galchuudhaan, xumurri isaa kan hinbareenne waan ta'eef, ufi eeganoon godhamuu qaba. Rabbiin Qur'aana kabajamaa keessatti akkana jedha.

"Kuffaaran akki jettu, karaan kiyya kana sun maal? Ani karaa ifaadhaan, gara Rabbii nama yaama, karaa beekkumsa qabu, kan

raga dhugaa qabuun. Naafii warri na jala deemu, amantii rabbitti gabroottan isaa yaamna. karaa dhokata jalla'aanii mitii." 12:108

Keeyyata Qur'aanaa kana fudhatuudhaan, dhoksaa sadiinii amantaa Kristaanaatiini wali madaalchisuudhaan, iccitii Sillaasee/ kamtu ifaa baruumsa irratti akka hundaa'e kan ta'e hubachuu ni dandeenna.

Amantaan Islaamumma bu'uurri amantii isaa Rabbiin tokkichummaa isaa beekuudha. Rabbii tokko malee Rabbiin biro kan dhugaa hin jiru seera jedhu irratti xiyyeefatuudhaan, ilma namaa hunda, gara karaa tokkochummaa Rabbii qofa akka deebii'aniif waamicha godhuufiidha. Haata'u malee faal'aa kanaa kan ta'ani Sillaaseeni ni seerri bulmaata amantaa Kristaanaa keessatti dhossaadha jedhamee tumame.

Amantaa wal-bira qabee fudhatuudhaafi namni barbaadu, lamaan keessaa kamiin filata? Filannooni lama qofaa.

1ffaa – Baruumsa Islaamummaa Toowhiida (tokkichummaa Rabbii) waamicha raga ifa gala ta'e irratti hundaaye, haala Qura'aanaan armaan olitti ibsamee jiru kana fudhatu.

2ffaa – Baruumsa amantaa Kristaanaa sadiin (Abba, Ilma, Hafuura qulqullu) sadiin waliin ta'uu dhaan, akkamitti gaafii jedhuu dhoksaadha/ iccitii/ yaada jedhuun bira darbuufi fudhachuu yoo ta'u, kanaafi isin kamiin filattu?

**Ragaalee Yasuus Ergamaa Ta`uu**

1. **Wangeela Yohaanis 8:42**
Yesus deebise. "... Anoo waaqayyo keessaa ba'ee, dhufee as jiraa, isatu ana erge malee, ani ofiin hin dhufne"
2. **Wangeela Yohaannis 8:40**
"Ani dhugicha isa Waaqayyo irra dhaga'e isinitti himeeraa, isin garuu ana nama akkasii ajjeesuu barbaaddu"
3. **Wangeela Yohaanis 12:49**
"Abbicha isuma na ergetu ofii isaatii waanan dubbadhu na ajaje /abboome/ malee, ani ofuma kootiin hin dubbanne."
4. **Wangeela Yohaanis 14:24**
"... dubbiin isin dhageessan kunis kan abbicha isa na ergeeti malee, kan koo miti"
5. **Wangeela Yohaanis 14:28**
"... Waanaan gara Abbaa dhaquuf ni gammaddu turtan, abbaan na caala'a"
6. **Wangeela Yohaanis 17:14-15**
"Ani dubbi kee isaaniif kenneera; akkuma ani kan biyya lafaa hinta'in isaanis kan biyya lafaa waan hin ta'iniif, biyyi lafaa isaan jibe, Isa hamaattii akka isaan eegduuf malee, biyya lafaa keessaa akka isaan baaftuuf si hin kadhadhu: Eenyuun kadhata? Inninuu Rabbii miti ree maaliif kadhata? Kan kadhatamuu fi kan gabbaramu Rabbuma tokkocha malee Yasuusii miti.
7. **Wangeela Yohaanis 20:17**
Yasuus immoo "Ana hin qabin Ani amma iyyuu gara Abbaatti ol hin bane gara abbaa kootii fi abbaa keessaniitti gara Waaqayyoo kootii fi waaqayyoo keessaniitti ol nan ba'a jedhii isaanitti anaafi himi!" jedhe

8. **Wangeela Yohaanis 17:20**

"… Biyyi laffaas ati akka na ergite haa beekuuf kadhachuu kooti" ?

9. **Wangeela Yohaanis 5:19**

Yasus itti fufee "Dhuguman isinitti hima, ilmi ofuma isaatiin homaa gochuu hin danda'u, isa abbaan isaa hojjetu ilaalee malee"

10. **Wangeela Yohaanis 5:30-32**

"Yasus itti dabalee, "Ani human kootiin homaa gochuu hin danda'u abbaa koo irraa akkan dhaga'etti nanfarada, firdiin ani faradus qajeelaadha. Anoo yaada koo duukaa bu'uu hin barbaadu, yaada isa ana ergee duukaan bu'a malee, ofii kootiif nan raga yoo ta'e ragaan koo dhugaa miti."

11. **Waageela Yohaanis 5:36**

"… hojiin abbaan koo akkan raawwadhuuf dabarsee anatti keene baay'eedha, hojiin ani hojjedhu kunis abban akka ana erge dhugaa anaaf in ba'a"

12. **Wangeela Yohaanis 6:29**

Yasuus deebise "Hojiin Waaqayyo inni hojjatu kun, isa inni ergetti akka amantaniif jedheen."

13. **Wangeela Yohaanis 7:28-30**

Yasuus sagalee isaa ol fudhatee "Dhuguma ana beektu, nama eessaa akkan ta'es in beektu, ofiin hin dhufne, inni ana erge jira, inni amanamaadha, isin immoo isa hin beektan, Ani garuu isa biraanan dhufe, isatus na erge.

14. **Wangeela Maatiwas 7:21-22**

Yasuus, "Jaalala abbaa koo isa waaqa irraa nama hojjatetu mootummaa waaqaatti gala malee, namni "yaa gooftaa, yaa qooftaa naan jedhu hundi itti hin galu"

15. **Wangeela Yohaanis 4:7**
Yasuus garuu, "Waaqayyoo kee gooftiicha garmalee hin qormaatini. kan jedhus immoo caafameera, ittiin jedhe."
16. **Wangeela Maatewos 4:10**
Yommus yasuusi immoo, "Seexananana, argaa koo duraa deemii waaqayyoo kee gooftichaaf jilbeenfattee sagadi isa qofaa waaqefadhu kan jedhu caafameera jedheen."
17. **Wangeela Maatewos 5:45**
"Ani garuu isinittan hima, diinota keessan jaalladhaa, warra isin ari' ataniifis kadhadhaa, kana yoo gootan ijoollee abbaa keessanii isa waaqaa irraa ni taatu."
18. **Wangeela Maatewos 5:48**
"Egaa abbaan keessan inni waaqa irraa mudaa malee akkuma ta'e, isinis warra mudaa hin qabne ta'an."
19. **Wangeela Maatewos 11:25**
Yasuus yeroo sanatti. "yaa abbaa, gooftaa waaqaatii fi lafaa isa kana warra ogeessotaaf hubattoota jalaa dhoksitee, daa'immaniif waan mul'ifteef sin galateefaha."
20. **Wangeela Yohaanis 11.41**
"..... Yasuus ol ilaalee, yaa abbaa ! Anaaf dhaga'uu keetiif sin galateeffadha,"
21. **Wangeela.Maatewos 4:23**" Tuuta sana erga gad dhiisee, booddees, kophaa isaatti kadhachuudhaaf gara gaaraatti ol ba'e..."
22. **Wangeela. Maatewos 24:36**
Yasuus itti dabalee, " Guyyicha sanaaf yericha sana garuu abbaa koo duwwaatu beeka malee. ergamoonni waaqa irra ilmis namni tokko kana hin beekan,"

**23. Wangeela. Maarqos 11:11**_Yasuus immoo deebisee "Waaqayyotti amanaa."

24. **Wangeela . Luqaas 24:19**

"Waa'ee yasuus nabiyyicha Naazireet, isa gochatti dubbiittis waaqayyo nammota duratti aangoo qabeessa ture sana, akka luboonni warri angafuunni warri biyyaa seeratanis duuni itti haa faradamuuf dabarsanii isa kennan, akk isa fannisanis,"

Wanti yaada bu'uuraa mormi shakkii tokko malee nuti dhugaawwan macaafa Qulquluu asii olitti tarreeffaman irraa hubatuu qabnu, kan isa erge Rabbiin (Allaahaa) ta'uu, ergamaan immoo Iisaa (A.S) Yookaan Yasuus kristoosi ta'uu ifaatti kaayameera. kan gurra qabu haadhagayu, kan ija qabu haa ilaaluu, kan onnee qabu haahubatuu. Ragaan tokko qofa gahaadhaa.

Waa'ee Iisaa (A.S) qabxiin itti xiyyeefatamuu qabu. hooganttoonni amantaa adunyaa gurguddowwan, maal barsiisanii osoo hin taane, macaaffanni qulqulluun (Amantaa) maal jedhanii? Gaafii jedhu qabannee jiruu bara baraa tantaatee, karaa /sarara/ sirrii dhugaa nuu tolu qabannee deemuuf ufieeggannoo cimaaf barbaachisaa fudhannee, dhiibbaa nama tokkoo malee, macaafa qulqulluu dubisuun baratаа qofa osoo hin taane barsiisaallee ta'uudhaan dhugaa qabannee gara amantaa dhugaa deebi'uu qabna.

Baruumsi macaafa Qulqulluun alatti kennamu yeroo hedduu xiyyeeffannooni guddaan kennameefii qabxiiwwan macaafa kana keessatti tuqamaniiti xiyyeefannoon maa akka godhamuuf dhabe nuuf hingalle. Lallabtoonni Wangeelotaa aangoo osoo hin beekini gonfatan baafatanii. Wangeela xiyyeefannoodhaan eega qoratamii

booda dhugaa osoo hubatanii jiruu isaaniti karaa sirrii fi filatamaata'e argachuu nidanda'an.

Gara birootiin, beekkumsa amantaa Islaamaa oso hin qabaatini warri Islamummaa tufataanii diqqeessani, beekkumsa amantaa kirstaanaa gayaa osoo hinqabaatin ammoo osoo hin fayyini fayyineerraa warra jedhanii labsan, lallabtooni amantaa walbira qabuun osoo baratanii gaari ta'a. "Wallaalli abbaa ganuu ti." Waan ta'eef lalabtoonni wangeelaa, wangeela Muslimootaan gayuuf balbala muslima takka takkan rukutuu caalaa dursanii ragaawan qabatamaa macaafa qulqulluu keessa jiran hubatuun barbaachisa.

## Yasuus Israaa'eliif Qofaa Ergamuu Ragaa Macaafa Qulqulluu

1. **Wangeela. Maatewos 2:6**

"Ati yaa betlihem, ishee biyyaa yihuda keessaa! Ati mandaroota gurguddoota yihudaa hundumaa irraa hin xinnaattu;si keessaa kan mo'u tokko saba koo Israa'elin kan bulchu ba'a."

2. **Wangeela. Maatewos 10: 5-6**

Isaan kudha lamaan kana Yasuus ergee, " karaa saba waaqayyoo warra hin ta'initti isin geessu irra hin gorinaa, mandara warra samaariyaa tokko illees hin lixinaa, karaa mana gara wara akka hoolootaa irraa goranii mana Israa'eli badanii dhaqaa."

3. **Wangeela. Maatewos 15:24**

Inni immoo deebisee, "Ani warra akka hoolotaa karaa irraa goranii mana Israa'elii badan duwwaaf malee hin ergame" jedheen.

4. **Wangeela Maatewos 19:28**

Yasuus immoo." Ani dhuguman isinitti hima, biyya lafaa ishee haaraatti ilmi nama ulfina isaatiin teessoo irra yommu taa'u isin warri na duukaa buutan immoo, teessota kudha lamaan irra teessanii, gosa Israa'el kudha lamaan keessatti firdii in kennitu."

5. **Wangeela Maarqos 12:29**

Yasuus deebisee, " Inni hundumaa irra caalu, ' Dhaga'i Yaa Israa'el! Gooftichi Waaqayyoo kenya kopha isaa gooftadha."

6. **Wangeela Luqaas 1:32**

" Innii guddaa ni ta'a ilma aabbaas jedhamee in waamana, waaqayyo gooftaanis teessoo abaabilii isaa Daawit in kennaaf."

7. **Wangeela Luqaas 1:54**

Garbicha isa Israa'elin garagaaruufis birmate; araara gochuudhaaf qopheessa ni yaadate

8. **Wangeela Luq 2:25**

Bara sanatti namni maqaan isaa simi'oon jedhamu tokko Yarusaalem ture; namni kun abboommii waaqayyo kan eege; waaqayyoon sodaachaa kan jiraate, fayyina isa Israa'eliif dhufu kan eeggatu ture.

9. **Wangeela Yohanis 17:6**

"Biyya lafaa keessaa warra ati anaaf laattetti maqaa kee beeksiseera." (Kan jedha eennu? Yasuus)

10. **Wangeela Yohanis 17:9**

"(Yasuus) Ani isaaniifan kadhadha, biyya lafaatiif hin kadhadhu warra ati anaaf kanniteef malee; isaanoo kan keeti."

**11.Hojii Ergamootaa 5:31**

Waaqayyo geddarannaa yaada garaatii fi dhiifamuu cubbuu Israa'eliif kennuudhaaf, abboomaa fayyisaas godhee gara mirga isaatti ol isa fuudheera.

**12.Hojii Ergamootaa 13 : 23**

Akkuma abdachiisettis sanyii namicha kanaa keessaa (Daawitii) waaqayyoo saba Israa'eliif fayyisaa kaaseera; inni immo yasuus.

## *Maafi Nabiyyii Israa'el Ta'e?*

Ragaawwani waa'ee Israa'el dubbatame macaafa Qulqulluu keessa kan gayaa ta'an macaafa Hisqi'el, Isaayyaas, Zakaariyaas, Millkiyaas, Raajichaa haala gayaa ta'een kaayameera. Israa'el jechuun ummata waaqayyoon gane jechuudha . akka raajotii kanneenitti.

## *Fakkeennaaf*

1. **Macaaf Miilkiyaas Raaajichaa 1:11**

Maqaan koo ba'a biiftuutii saba biyya lafaa gidduutti guddaa in ta'a

2. **Macaafa Miilkiyaas Raajichaa 1 :5**

"isin sabni israa'el kana ija keessaniin argitanii. 'Daarii Israa'el garasitti iyyuu waaqayyo guddaadha in jettu "jedhe.

3. **Macaafa Milkiyaas Raajicha 1: 14**

Maqaan koo saba lafa irraa keessatti sodaatamaa in ta'a jedha kana waaqayyo goftaa maccaatu dubbate.

4. **Macaafa Ermiyaass raajichaa 33:17**

Sanyii Daawit keessaa yeroo hundaa guutummaa Israa'el irratti kan mo'u hin dhabamu.

**5. Macaafa Hose'aa Raajichaa 9:1**

Yaa Israa'el ejjuu keetiin waaqayyoo kee irraa waan garagalteef hin gammadin; akka saba warra kaaniittis (Ahizaabi) hin ililchin, kun wanti hubachiisu warri Ahizaabi karaa waaqaa irraa hinbadne jechuudha. Sabni israaa'el garuu warra karaa waaqaa irraa bade waanta'anii akkan badii irraa gorfamaniifi Yasuus itti ergame jechuudha.

Qabxiiwwan ijoo asii olitti tarreefaman hanga tokkollee taatu dhaamsi Yesus kristoosi warra Israa'el qofaaf ergamuu isaatiif akkasumasi immoo warri Israa'el warra abaarameef worra cubbuuu keessatti daangaa dabre, warra saba lafaa keessaa kan akkaan jallate, uumaa dinqisisaa ta'een Yasuus itti ergamullee, Nabiyyummaa yasuus (Iisaa) kan hin fudhanne ta'uu isaanii haaluma salphatti hubatuun ni danda'ama.

Kan waan ta'eef. Rabbiin warra Israa'el irraa fuula ufii gara galchee waadaa isaa sanyii Ismaa'el wajjiin taasisuuf murteessuu isaatiin Nabiyyii Muhaammad (S.A.W) lafa Arabaa keessaa ka'uu danda'anii jiru. Ragaawwan waan kana nuu dhugoomsan kitaaba kana keesssatti badhinnaani kan ilaallu ta'ee, ammaafi garuu warri Israa'el fuula Rabbiin biratti maal akka fakkaatan beekuun barbaachisaa waan ta'eef isa kana ilaalla.

***Macaafa Ermiyaas raajichaa 31:36***

Inni, " seerrii jabaatee dhaabate, kun fuula koo duraa yoo bade duwwaa, sanyiin Israa'el bara baraan saba ta'uu dhiisee fuula koo duraa in bada;" kana ana waaqayyotu dubbate.

Rabbiin waadaa isaa sanyii Ismaa'el wajjiin yeroo jalqabu, warri Israa'el Nabi Iisaa fi Nabi Muhaamad dabaree dabareen waan hin fudhatiniif, itti fufuudhaan seerri rabbiin Nabiyyiin keenna Muhaammad (S.A.W) yeroo isaan ergamani irraa jalqabee hanga xumuraatti jiraata iechuudha. Warri Israa'el garuu ammas, dhaamsa nabiyyoota lamaaniituu warra hinfudhanne ta'uu isaaniitiin, ummata yeroo kamuu jibbame ta'uu agarsiisa Raawwii Raajitiiniillee, warri Israa'el ergaa nabiyyoota lamaanii fudhachuu dhabuu ifa taasisa.

***Wangeela Maatewos 21:42-43***

Kana irratti Yasuus, "Isin caffata qulqullaa'an keessaa Dhagichi, mana ijaartuu tuffatan inni dhagaa mataa golee qajeelchu ta'e; kun gocha gooftaati ija keenyattis dinqiidha? kan jedhu takkaa hin dubbifneeree? Egaa mootummaan waaqayyoo isin irraa fudhatamee, saba daraaraa isaaf godhatuuf akka kennamu isinittan hima.

Kun wanti agarsiisu mootummaan Rabbii warra Israa'el irraa fuudhamtee saba daraaraa isaaf godhu (sanyii ismaa'elifi akka keennamtu mirkaneessa) kana waan ta'eefi, qabxii ijoo obbolewwan keenna warrooni kristaanaa, du'aan osoo hin qabaminiin dura hanga danda'ameen qo'annoo isaan, sirreeffachuun ni barbaachisa. Kirisitaanni tokko tokko gorsa isaanii yoo dhiheessani, namni Israa'el ni ufitaasise amanu hundi,

Israa'elii hafuuraatii jedhee ufi moggaasa . Sanyin Israa'ellii hundi kan gatameef yeroo kamiinuu kan hin fayyine yoota'e gara Israa'el hafuuraatitti jijjiiramuun isaanii bu'aan maal? Rabbiin Israa'el wajjiin yeroo kamiinuu hin araaramu yeroo hundaa ni gataa jedhee macaafa qulqulluu keessatti yoo barsiisu.

Macaafa Qulqulluu keessatti sanyiin Israa'el hunduu yeroo kamiinu ni gata jedhee osoo jiruu, gara birootiin immoo Macaafuma Qulqulluu keessattuu achumatti, Jannani Israa'eloota 144,000 qofaaf kan qophooftee fi sanyii biroo kamuu /hunduu/ kan gubatu ta'uu kan ibsu yoo ta'e, karaan filannee, hangam sirrii akka ta'e ufi gaafachuu qabna.

Mudhata yohaanis 7:1-8 fi boqonnaa 9 yeroo ilaallu, baayyee waan abdii nama murachiisuuf waan nama naasisu. Akka ibsa boqonnaa macaafa qulqulluu kanaatitti, jannataafi warroonni kaadhimaman namoota kuma dhibba tokkoo kuma afurtamii afuri (144,000) qofa yoo ta'an. saanis gosa Israa'elii kudha lamaan irraa. tokkon tokko isaanii irraa immoo kum kudhalama /12,000/ kan ta'an qofa.

Kunis gosa yahuudaa Israa'el kan jalqabaa irraa eegalee hanga gosa Biiniyaamitti.

Gosa 12X12,000 = 144,000, chaappaa waaqaan kallacha isaanii irratti dhahameetiin, sanyiin ilma namaa biro hunduu ni gubatu. Mul'atni Mudhanni Yohaannisi kan kana ibsu, boqonna 9 keessatti ni xumurama.

1) Gosa Israa'el tokko tokko keessan janataati kan filamani 12,000 caaluu fi hanqatuullee kan hin dandeenne ta'uun /12,000

+ 1 yookaa 12.000-1/ ta'uu dhabuun isaaniituu, gaafii biro nama keessatti uuma. Gayeen dursamee yoo beekkame fi gosoota Israa'eliitiifi 12$^{ffi}$ walqixa yoo qoodame ifaajeen nama biroo hunduu bilaashuma jechutti nama uggisiisa.

2) Israa'eloonni hanga amaatitti kan bulan seera Muusee ta'ee osoo jiruu, Yasuus nabiyyii ta'uu isaatuu osoo hin fudhatini akkamitti akka janata seenan, waan nama shakkisiisaa tokko. Tarii kunis jananni durumaanuu badhaasa ijoolee Israa'eliif waan qophaa'e namatti fakkeessuuf icciitii isaa, gorsitoonni macaafa qulqulluu haahiikan malee, deebiin isaa cadhisuma wayya. Dhaloonni hunduu ufieegannoo cimaa godhuu qaba.

**<u>Qur'aanni Wa'ee Yasuus Nabiyyii Israa'elootaa Ta'uu Maal Jedha?</u>**

Ilmi mariyan Iisaan /Yasuus/ (A.S) warroota Israa'el qofaaf ergamuu isaanii Qur'aanni keeyyatoota adda addaa keessatti ni barsiisa .

1$^{ffaa}$ "Ammas waan nabi Iisaan ilma Mariyam (ummata isaatin) jedhe yaadachiisi, (wanni inni jedhee) yaa ilmaan Israa'il ani ergamaa Rabbiiti isin irratti, Towraat kan na dura buufame dhuga'oomsudhaan, ergamaa Rabbii kan na booda dhufu,kan maqaan isaa Ahmad jedhamuun isin gammachiisuun. Yeroo inni ragaa ifa galaan itti dhufu, kun sihrii/falfala ifa galaa jedhaniin. "61:6

2$^{ffaa}$ "Inni (Yasuus) garbicha Rabbii, kan nuti qananii itti oollee fi ijoollee Israa'iliitiif fakkeenya goone malee waan biraa hin taane." 43: 59

3$^{ffaa}$ "Warri Rabbiin Iisaa ilma Mariyamii ti jedhe dhugaan Rabbiin gane /dide. Yasuus ni jedheen yaa ilmaan Israa'il Rabbii kiyyaa fi

keessan gabbaraa, dhugaan namni Rabbiin biratti waan biraa gabbare Rabbi jannata isa irratti hirmii godhe, teessoon isaallee ibidda keessa taate."5: -72

Kanasi wangeela Yohaannis 20:17 woli bira qabnee haa ilaalluu

**Dhugumatti Yasuus (S.A.) Ufumaa Isaatii Tokkoo Sadiinii Ta'uu Isaa Barsiisee ni Jiraa?**

1. "Sillaasee" jechi jedhu Macaafa qulqulluu keessatti iddoo kamittuu kan hin argamne ta'uu fi namootaan walgeettiidhan kan murtaa'e ta'uu hordoftoonni amantaa Johova badhinnaan ni barsiisu.
2. Macaafa qulqulluu keessatti warroonni amantaa Kiristaanaa, Kaatolikii, Ortodoksii, Protestaanonni, Adventistii, Johova, Hawaariyaatota kkf kan hin jirreefi macaafn qulqulluuni hanga bareefame waggaa heddu booda kan uumamanii dhufan ta'uu isaa sirritti hubachuun barbaachisaadha.
3. Kitaabonni Kakuu Haarawaa, Yasuus dachii irra yeroo turetti jechi takkallee kan hin bareefamneefi booda Inni gara waaqaatitti olifuudhamee woggaa 115 booda kan bareefamanii bareesitoonnis Yasuusiin ijaan kan hin garre ta'uu isaanii, meeqa keenyatu beeka? **Wangeela Luqaasi 1:1-6** ilaalaa.
4. Kiristaanummaan waggaa dhalootaa 42 irratti Antsookiyatti sababa Phaawuloosiiniitiini amantaa hundeefame ta'uu hubachuun baayyee barbaahisaadha.

Ta'usi, barreessaan wangeelaa tokkoo, Yasuus tokkoo qaama sadiiniiti /Sillaasee/ jedhee kan barreesse tokkoo hin jiru. Carraa kanatti fayyadamuudhaanj ya'iin Kiristaanotaa, kan

seenaa jalaa dhokatuu hin dandeenne yookaa yaa'ii mana amantaa kristaanotaa, waan amantaa kristaanaa irratti rakkoowwaniif qoodama uumame /argame/, furmaatni bara baraan kennanifi akkasumas seerri bulmaata keessaatti, seeraa bulmaataa hammayyaa dhaabbataa amantaa ta'uu irratti mormii waankaaseefi warroont hawaari yootaatiifi joovaa, qoodama birootiin akka adda fooyamaniifi balbala bane ture. Warroota hin beenneef, ya'iin addunyaa irratti adeemsifame, seeraa waaqaa fakkaatee dhihaatee ture. Fakkeenyaafi, jechi Sillaasee jedhu, macaafa qulqulluu keessatti kan iddoo kamittuu hin argamne ta'ee, garuu, warroota kiristaanaa biratti, bu'ura seera waaqeffannaa ta'ee yeroo beekkame irraa eegalee waggoota 1700 ol laakofsiisee jira. Sababni isaasi, ilaalchi Sillaasee jedhu, yeroo jalqabaatiif, addunyatti kan eegalame bara 381 A.L.Iroopiititti, yaa'ii Qonisxoonxiiniyyaa, ibsa baaseen, hafuurri qulqulluun waaqa; waaqa Abbaafi waaqa· ilmaatin walqixaa, yeroo jedhamee eegalee, seera ta'ee hojii irra oole. Haata'u malee Kiristaanonni, macaafa amantaa isaanii keessatti ilaalcha Sillaasee kan hin barreefamne akka fudhatama argatuuf jecha, gorsitoonni Kiristaanotaa fuula Macaafa qulqulluu isa jalqabaa banuun. jecha, seera Uumamaa 1:26 fudhatuun "Waaqayyo jedhe, nama akka bifa keennaatti fakeenya keennaan haa uumnu jedhe." Kan jedhe eennu? Kan hundaa

oliiti, eennuuni? Waaqotii hafaniin yookaa qarqaartotaanii? Yaadnuu mataan isaa kan ifaan hin ibsamne ta'uu ni agarra. "Waaqonni jedhani" osoo jedheetii heddumiminna agarsiisaa ture. Haata'u malee, cinaan qeenxee /tokko/ cinaan heeddumminna "haa'uumnu" kanaa olitti ibsuudhaafi yoo barbaadame seera uumamaa 1:1 (qeenxxee), 1:26 heddumminna, 1:27 qeenxxee /tokko/ seera uumamaa 1:1 "Waaqayyo jalqabatti bantiiwwan waaqaafi lafa uume."

Seera uumama 1:26, waaqni jedhe, nama haa'uumnuu (heddu), warroota Joovaa irraa raga argameen, ya'ii Niqiyyaa booda "haa'uumnu" kan jedhu itti dabalame malee kitaaba oorjinaala keessa hin jiru jedhama.

Seera uumaama 1:27 "Eega waaqayyo akka bifa isaatti nama uume." Eega uumee booda tokko ta'ee? Keyyattoota kana irraa wanti nuti barannu waaqni tokko ta'uufi kan hin jijjiiramne waaqa bara baraa agarsiisa waan ta'eef xiyyeefannoodhaan ilaaluu qabna. Baruumsi amantaa Islaamaas, Keerowatootaa kanneeniin walisimata. Tokkummaan waaqaatiifi tokko ta'uu isaa haala walnanama hin mamsisiifneen, jalqaba Seera Uumaa irraa hanga xumuratti kan ibsame ta'uun isaa wali nama hin gaafachisu.

**Macaafa Isaayaas Raajichaa 43:10-11**

"... ana dura waaqayyo kan biraa hin turre, ana booddees waaqayyo kan biraa hin jiraatu. Ana duwwaatu waaqayyoodha ana malee fayyisaan kan biraa hin jiru."

**Macaafa Isaayaas Raajichaa 44:6**

"... Ani isa jalqabaati, isa dhumaatis, ana malee waaqayyo kan biro hin jiru. Kan akka kootii eenyu? Mee achii as ba'ee of haa beeksisu, dubbatees amansiisa isaa anatti haa mul'isu?"

Qur'aannis waa'ee jecha bu'uraa kana akkanatti ibsa "Wanni samii fi dachii keessa jiru hundi, Rabbii tokkicha guddifti, waan isaan hin malle hundarraa isa qulqulleessiti. Rabbiin kan injifatuu malee, wanni isa injifatu hin jirre, kan waan akka qabu malee, waan biraa hin dalayne. Kan samiif dachii uumee qaba. Kan jiraachisu kan ajjeesu Rabbii waan hundarraa dandaya. Rabbiin kan odoo waa takallee hin argamsiisin dura jiru. Rabbiin kan waa hunda booda jiru kan dhabamiinsi isaan hin malle." 57:1-3

3ffaa. Macaafa Isaayaas Raajichaa 44:24

"Ani waaqayyo isa si fure, isuma gadameessa keessatti si tolchee dha; ani waaqayyo isa wanta hundumaa uume, bantiiwwan waaqaa kophaa diriirsee lafas dhisee dha; yommus eenyutu ana wajjin ture?" "haa uumnu" jedhee akka waan ilmaaf hafuura qulqulluu wajjiin mari'ate godhamee kan dhiyaataa ture **Isaayaas Raajichaa 44:24** keessatti fudhatamu dhabuu bira dabree Allahi tokkicha haqaa malee Rabbiin biraa hinjiru jedhee baruumsa Islaamummaan barsiisu cimsee mirkaneessa.

Waan kana ta'eef, ragaawwan durii kun osoo Macaafa Qulqulluu keessa osoo jiran abbaa, ilmaaf hafuurri qulqulluun tokkolle sadiniiti /Sillaaseeti/ jeehuun haala kamiin ragaan macaafa qulqulluu keessaa argatuun danda'a.

Namoonni gara amantaa dhugaa (Islaamummaa) dhufuu diddaaf qofa raga ta'uuf hin taane uumuudhaan yeroo hundaa fedhii adda addaa hordofuun, amantaa Kiristaanummaa tokko keessaa gara kan biro seenuudhaan, amantaa seenan keessattisi immoo, baruumsi adda addaa yoo isaan mudatu, hundumaa guutuun guututti akka gatan isaan dirqisiisa. Murtee isa xumuraa kana fudhachuun duratti, amantaa Islaamummaa beekuufis ta'ee qorachuuf osoo yeroo gumaachaniif gaarii ta'a. Namoota amantaa Kiristaanummaa hordofaniif dubbiin ijoo hubachiifnu yoo jiraate, waamichi amantaa islaamummaa, karaa dhugaa irratti waan ta'eef karaa dhugaa kana qabachuuf Qorannoof sakatta'a cimaa godhaa kan jedhu.

Wa'ee baruumsa Sillaasee ilaachisee, mana kadhaa Kristaanaa Hawaa riyootaaf Joovaatiin ala, hordoftoonni amantaa Kiristaanummaa biro hunduu abbaan, ilmaaf hafuurri qulqulluun tokko kan jedhu. Aangoonisi tokko kan jedhu ni barsiisu. Haa ta'u malee 'Protestaantonni' haala adda ta'een xiyyeefanno guddaa kennaniif.

"Yasuus fayyisaadha","Yasuus gooftaadha","Yasuus haagalatoomu"fi "Yasuus gooftaa goftotaati qabxiwwan jedhan irratti gayeen fayyisuu, aangoon gooftummaa fi galatni hundiYasuus qofaaf adda baafamee kan kennamuuf yoo taa'e, waaqonni hafan (Abbaa fi hafuurri qulquluun) gayeef hojiin isaani maal ta'a?

Warri wangeelotaa gara birrootin waaqa baraa baraa jedhanii kan barsiisan gooftaan isaanii Yasuusiin uumama hunda dura dursee akkawaaqni isa uumetti ni barsiisani Haata'u malee kan jalqbaas ta'ee kan gidduu Yasuus uumamaa ta'uu baruumsa isaaniitiin ni

mirkaneessu. Yasuus jalqba uumaama hundaa ta'uuf ragaan dhiyyaatu **macaafa fakkeenyaa 8:22-30** haala ibsame irratti hundaa'uun jechi kunis **Macaafa Isaayaas raajichaa 40:13-15** jiru keessatti deebii ni argata .

Yaadota lamaan kannin wal-bira qabuuf akka nuuf tolu akka armaan gadiitti ilaalla.

1) "Yommuu inni bantii wwan waaqaa iddo iddoo isaanii kaa'ee Waaqas callabboo irra diriirse, ani achin ture,"**(Fakkeenyaa 8:27)**
2) Yommuu inni hundeewwan lafaatti milikkita godhes, ani y ommus ijaarruu isa gaarii sana biran ture "**(Fakeenyaa 8:29-30)**
   Kiristaanonni waa'ee gooftummaa Yasuus (waaqaan wajjin)wolqixa ta'uu ragaan isaan dhiyeefatan , macaafa qulqulluu keessaa isa kana. Waaqni yommuu inni bantiiwwan waaqaa diriirsee fi yommuu hundeewwan lafaa bu'urse, Yasuus kan hin turre ta'uu macaafa quulqulluu keessaa, haala salphaan barachuun ni danda'ama . Kanaafuu , kiristaanonni macaafa isaanii tokko kan birootiin walbira qabuudhaan karaa sirrii ta'e filachutu isaan irraa eegama Kanaaf , **Fakeeny 8:22-30** fi **Isaayas raajichaa 4o:13-15** lamaan keessaa aangoo waaqaa kamtu sirritti ibsa?
   Hafuura waaqa ta'ee kan ajaje, yookaa gorsaa ta'ee kan barsiise eenyu?Imoo eenyuu wajji mari'ate?

Yoo kaa eennutu gorse? Karaa murteessuu eennutu barsiisa" Beekkumsas eennutu barsiise? Karaa hubannoo eennutu itti garsiise? Deebiin homaa isa hinqarqaareedha. **(Isaayas Raajichaa 40:13-15)**

Sadarkaa Yasuus (Iisaa) Qur'aana keessatti Robbiin akkana jedha; "(Iisan) ilmi Maryam waa Rabbii mitii ergamaa Rabbiiti, kan isa dura anbiyoonni Rabbii dhufee dabre, kan inninis akkuma isaanitti dhufee dabre. Haati Iisaadhaa /Mariyam/ tan tokkummaa Rabitif, dandaytii isaa dhugoomsitu, tan ergamoota Rabbii hunda dhugoomsitu. Iisaaf haati isaa /Maryam/ beelaf jecha nyaata nyaatan. Mee akka waan tokkummaa Rabbii ibsu itti isaanii addeysinu ilaali. Mee eegasii kanumaan wajjin akka isaan haqa itti didanii kafaran laali." 5:75

"Haalli Iisaadhaa Rabbi biratti uuminsa keessatti akka haala Aadam kan biyyee irraa isa uume." 3:59

Kanatti aansuudhaan, akkaataa dhufiinsa seenaa yaa`ii/Marii 'Niqiyyaa' burqaawwan seenaaf amantaa irratti hundaa'uu dhaan laaluuf yaallaa. Kanneen keessaa, gabaasa kitaabee Kiristaanaa tokko irraa argame, akkanatti dubbifam.

"Dhaamsi keenna kan giddu galeessa wangeelotaa, warra isin jaallatu qofa jaaladhaa osoo hintaane, akkasumas warra isin jibbu jaaladhaa kan jedhu." Hara'a garuu, manneeni amantaa heddu keessatti wanti dhagahamu, dhaamsa jaalalaa osoo hin taane dhaamsa badiitiif man caasuuti. Dhugumatti bara baraan, amantaa Kristaanaa tokko keessattu, ilaalcha, hunbannoof murteewwan baayyee hedduu ta'an xixinnoowwan jinaachuufi argamuun isaanii waan ganuu hin qabne. Gidduuwwan gareewwan garagaraa, qofaayyuu mitii maqaa amantaa tokkoonuuiiyyuu marii'wwan gurguddaa irra warroonni taa'an abboonni amantaa gurguddaa giduuttuu, osoo hin hafini, garaagarummaa fi waliigaltee dhabuun, tokkummaa yaadaa dhabuun barri jaalalli itti bade akka ture, dubisa

seenaa irraa hubatuu ni danda'ama. Bara 325 Dhaloota Yasuus 'yaa'ii Niqiyyaa' Bara 381 Dhaloota Yasuus irraa "yaa'ii Qunisxaanxiinoosi" bara 431 yaa'ii efesooniif Yasuus 451 yaa'ii Qaalkidoon akka ragaatitti ni ibsamu.

Ya'iiwwan kanneeni irratti. maqaa amantaa tokkoon warroonni walitti qabamani abboonni manneen amantaa addunyaa bakka bu'ani lola jechootaa adeemsisuu bira taranii wol-diqqeessunisi marii keessatti argisiisan ture.

Ya'ii Niqiyyaa Yasuus waaqaamiti yaa'ii mormii nama Aariyoosi jedhamu irratti wolmormee, gonkumaa Yesus qaama tokkoo sadiiniiti jedhu ture. Waaqalle jedhanii tumuudhaan itti waliigaluudhaan, ibsa amantaa baasuudhaan woliigalame qalbisaa! Murteen kun Yasuus Rabbi jechuudhaan xumurame mariin mirkaneefame.

Ya'iin Qunisxaanxin yaa, akkuma kana,hafuurri qulqulluun waaqallee ,tokkoo sadiiniitille jedhamee, sagalee tokkoon falaasfa Aariyoasiif deeggaraa isaa wajjiin yeroo xumuraatifi balleesuudhaan adda deemani. Hubadhaa! Kunis mariidhaan turee. Mariin efeesoonoos akkanuma, namni hundu cubamaa wanta tureef humna du'a Yasuus kiristoosin cbbamtoonni qulquullaawan, jedhanii labsanii mormi heddu booda ammasi hubadhaa, murteen marii boodaa itti kenname, Yaii Qaalkkeedooni akkasuma " kiristoosi guutummati nama quutumatti waaqa dhugaati, bu'ura jecha jedhu irratti waliigalamee mariin jaalalaan addaa yaa'ani. Ammas yeroo arfaffaatiifi hirmaattonni yaa'ichaa maridhaan waligalanii turaaan. Kitaabee "Qaala Hiyiwootii" irraa lak 15:1990 irraa kan fudhatame.

Waa'ee seenaa dhufiinsa ya'ii Niqiyyaa irratti garaa garummaa Amantiwwanii kitaaba jedhu irratti , akkaa armaan gadiitti dhiyeessuuf yaalametti. Akka seenaa irratii galmaayetti adeemsonni (uumamani) kan ifa galani isaannani armaan gadii kanneen akkuma seenaa keessatii galmaayetti jaarraa afraffaa keessatti bara (319) hoogansa bittaa qabrumma Roomi jalatti tan turte Iskindiriyaa (Masrii) durabu'aan mana kadhaa, kan ture qeesiin Aariyoosi jedhamu ture. Akka barumsa Aariyoositti, Yasuus kan waaqaan uumame malee inni mataan isaa waaqaa miti, haata'u malee yeroo fuula lafaa irra jiraatu haalli isaa guutumatti karaa waaqaa irra ture. Namallee akkanuma barsiise. Garuu uumamaa ta'uun isaa waan ganamuu miti jedhe.

Barsiisa kana mormii guddaatu muudate. Deegartoonni Aariyoosi Gibtsiin (Masrii) keessatti, magaalaa Iskindiryaa keessatti hedduminna waan qabaniif, isaaniif warroota mormitootan giddutti lolli hamatu godhame. Jeequmsi guddaafi hammeennisi uumame.

Mootummaan Rooma diigamatti dhihaate. Soda kana irraa kan ka'e, mootichi Roomaa, Qosixnixinoosi, walgeetti guddaa waame, kunis walgeettii Niqiyyaa kan jedhamu bara 325 A.L.I kan walitti qabame ya'ii amantaa isa jalqabaa ture. Yaa'iin kuni Ariyoosiini ni abaare, Yasuus Kiristoosi, ilma waaqaatiif waaqa tu'u isaa waliigalanii tumatanii irratti mirkaneessani.

Waliigalteen tumaan kan asii olitti ibsaman barumsa macaafa qulqullutiin wajjin maal akka fakkaatan wali biro qabuun haa ilaalluu. "Nama kan isa uume wajjiin qabsaayuuf isaaf wayya." **Isaayaas Raajichaa 45:9** Isaayaas Raajichaa 45:1? "Waaqni isa uumesi akkana jedha. Wa'ee dhufuuf jirus nagaafadhaa.

Naagaafadhaa dhimmi jedhu, raajii ufi afoo dhufa jedhamee irratti, maalummaa waaqaa irratti, ya'iif murteen ilma namaatiin akka kennamu, Rabbiin dursee, akka morme hubachuun barbaachisa.

"Egaa isin anaaf dhuga baatota; ana malee waaqayyo kan biraa jiraa ree? Anoo kanan beekuu hin jiru". **Isaayaas Raajichaa 44:8** Anoo kanan beekuu hin jiru jechuun, Yasuusiifi hafuura qulqulluulle dabalatee waaqummaan hin beeku jechoodha. Ragaa Qur'aana yaada kana cimsu akka armaan gadiitti dhiyaata. "yaa warra kitaabaa isaan yahuudaa Nasaaraa yookaa Kiristaanaa, amantii keessan keessatti daangaa hin bayinaa. Haqa malee waan biraa Rabbiin hin jedhinaa, kijiba Rabbi irra hin kaayinaa masaanuufi? ilmoo irraa isa qulqulleysaa. Masiih /Iisaan ilmi Maryam/ rasuula Rabbiiti malee, ilma Rabbiitii miti, ammallee Rabbii miti. Iisaan rasuula Rabbiitii ammallee kalimaa yookaa jecha isaati, kan Maryamiif kenne Ammas nabi Iisan waan ruuhii qabaatan nyaattee dhuydu. Rabbii tokkichatti amanaa, ergamoota isattis amanaa. Rabbiin sadii hin jedhinaa, akkana jedhuurraa dhoowwamaa. Waan keeyrii /toltuu/ isiniif qabu dalagaa. Rabbiin tokkicha lama jechuun hin qabne. Rabbiin ilmoo qabaatuurraa qulqullu. Wanni samiif dachii keessa jiru hundinuu waan isaati, isaatu uumee isaatu qaba, hundi isaanii gabroottan isaati." 4:171

## Baruumsa Sillaasee Dura Maltu Ture?

Baruumsi Sillaasee Maaltu Ture? hundee Yasuusii tiin faallaa ta'uun isaa inumaa immoo, yaa'ii Niqiyyaa dura, jechuun dhaloota Kiristoosi irraa eegalee hanga 325 ya'ii Niqiyyaafi hanga walga'ii Qunsxiinxiniyyaa bara 381 tti Yasuus Kristoosi ergamaa Rabbii malee, wanta biro yookaa akka isaan jedhani waaqaan walqixa

ta'uu baruumsi kenamee hin jiru. Yaada kana ragaan cimsuufi jecha "Sillaasetti amanuun si barbaachisa?" kitaaba jedhu irraa (warra Joovaa) dubbii ijoo fudhatame akka armaan gadiitti haa'ilaalluu.

Ya'ii Niqiyyaa dura abbonni turan maal bariisani? Abbonni yaa'ii Niqiyyaa dura turan dhaloota Kiristoosi booda waggaa dhibban duraa keessatti, barsiisota amantaa ijoowwan akka turan beekamaadha. Barsiisonni kunniini, baruumsi barsiisani beekuun barbaachisaadha.

Bara 165 Jastiin du'e, Yasuus nama ta'uun duratti "Waaqa waan maraa uumeen adda kan ta'ee Malaayikaa uumame ta'uu ibsee ture."

Dabalataanis Yasuus waaqaa irraa kan adda ta'eef kan isaa gadii "waaqni akka dubatu kan hayyameef ala akka wanta takkoo raawatu hindandeen akka ture dubata."

Yasuus nama ta'uun duratti, kan waaqaan adda ta'eefi dandeetti waaqaa gadii akka qabu, naannoo bara 200 kan du'e Iraaniyaasi dubatee ture. Yasuus "waaqa dhugaa isa tokko ta'e" jechuun waaqa kan hundaa oliifi kan hiriyaa biro hinqabne" wajjiin akka wal-qixa hin taane mirkaneessee jira. Naanno bara 215 kan du'e kilimantiin dhaloota Iskindiriyaa ture akka jedhetti waaqni kan hin uumamne, kan hin duuneef waaqaa dhugaa isa adda ta'ee dha jedheera. Ilmi ammo Abbaa wanti tokkoo isa hindhibnetti kan aanee sadarkaa lamaffaa irra jiru malee kan Abbaan wal-qixa ta'uu hin dandeenye akka ta'e dubbatee jira.

Naannoo bara 235 kan du'e Hipaaliisi waa'ee waaqaa akkan jedhee tura. "Kan jalqabaatii kan isaan qixxaayu kan hin qabne, kan

hundaa uumee gooftaa hundaa kan ta'e, kan umriin itti qixxaayu kan hin qabne, waaqni tokkicha kophaa isaa ta'ee jiraatu, fedhii isaa taanaan, wantoota armaan dura hin turre, gara jireennaatti akka dhufan taasisee jira. Kaneen keessaasi nama ta'uun duratti uumama kan ture yesuusiidha." Jedha

Naannoo baraa 250 kan du'e Orjiin "Abbaa Ilmi, lameenuu amala adda addaa kan qaban turan. Ilmi Abbaan yoo walibira qabamu ifnana baayyee xinnaa ta'e," Jedhe.

"Aliivaan Laamisoon raga qabatamaa seenaa" iddoo tokkotti walitti qabuudhaan "The church of the 1st three centuries" kitaaba jedhamu irratti akkana jedhe.

Haasawa Jastiin irraa homaa deegarsa hin argatu. Wa'ee abboota yaa'ii Niqiyyaa dura turanii, jechuun dhaloota Kristoosi booda kan turani, barreessitoota Kristaanaa baroota dhibba sadan (300) keessatti argamani hundaaf, akkana jechuun ni danda'ama. Dhugaadha, wa'ee abbaa, waa'ee Ilmaa, wa'ee hafuura qulqulluu dubatee jira.

Naannoo bara 230 kan du'e Taartuliyaan, waaqni kan maraa olii ta'uu barsiisee ture. Akka armaan gadiisi jedhe. "Abbaan Ilmaan kan adda ta'eef kan caalu" jedhe. Abbaan ilmaan, ergatee ergamaan, akka adda ta'e ni beekama. Dabalataanis, ilmi yeroon inni hin turres jira, garuu osoo wanti tokkoo hin argamini dura Waaqni kophaa isaa jiraataa ture.

Haata'u malee amantoonni Sillaasee akka amma jedhan, sadiin wal-qixaa tokkummaan sadiin keessatti guutuun guututti tokko ta'uu isaanii wanti dubatani hin jiru. Dhugaan faallaa kanaa ti.

Waan kana ta'eef raga Macaafa qulquluutii seenaa bu'ura godhatuun Sillaasee ni baroota macaafni qulqulluun barreeffamaniin, saniin boodas barootii hedduu turan keessatti gonkumaa kan hin beekamne ta'uun isaa mirkaanaayeera. Barreesitoonnı kabajamtoonnille abbummaa mootummaa waaqaa keessatti Sillaaseen nijiraata jedhee kan shakullee jiraatuu isaati ragaan agarsiisu hin jiru. "The Trinion god" (waaqa sadaffummaa qabu) kitaaba jedhu iraa kamtu fudhatame.

Rabbiin Qura'aan isaa qulqulluu keessatti waamicha itt, aanu abboota amantaa hundaafuu (Kristanaa yahuudaa) dhiheesseef

"Wanni warra kitaaba qabu, kitaaba towraatii Injiil, isaan yahuudaa Nasaaraatiin jettu, yaa warra, koottaa waan nuu isiniif walqixaa, kan nulamaanuu wal qixxeessu qabannaa, wanni nuufii isiniif wal qixaa sun Rabbii tokkicha malee, waan biraa waaqeffachuu dhabu, ammas Rabbitti waa qindeessuu dhabuu ammas, Rabbii nu uume dhiifnee nama akka keenyaa, kan Rabbiin akka nu uumetti isa uume, Rabbi jennee qabatuu dhabu Ammoo yoo waan ati itti yaamtu kana qeebaluu didan, akka nuti warra Islaamaa, kan karaa tokkummaa Rabbii qabata .aane, ragaa tayaa jedhiin." 3:64

Sana boodosi amantaa Islaamummaa keessatti. dirqamni akka hin jirre agarsiisuuf, akkana jedha.

"Amantii keessa dirqiin hin jirtu, maalif, karaan qajeello'oo karaa jallinarraa fooyamee jiraa. Namni sheeyxaanatti kafaree Rabbii tokkichatti amane, dhugumaan haada jabaa qabate, amantii dhugaa qabate, haada citiin hin qabne, kan nagayaan jannataan isa gayu." 2:256

"Rabbiin wanni gabroottan isaatin jedhe, Rabbiin lamaa jettanii hin yaadinaa, Rabbiin keessan tokkichaa isa malee, Rabbiin biraa hin jiru, inni kanfakkaataa hin qabnee, ammas Rabbiin gabroottan isaatin akki jedhe, azaaba kiyya sodaadhaa, anuma gabaraa /ibaadaa/. 16:51

Guyyaa xumura adunyaa (qiyyaamaa) Rabbiin ilma Mariyam (Iisaa (A.S) gaafii cimaa kana gaafata. Rabbiin uuma gaafii bu'uraa yoo gaafatu, Iisaan uumames deebii ni kenna. Rabbiin akana jedha.

"Waan guyyaa qiyaamaa Rabbiin Nabi Isaan jedhu dubadhu yaa ergamaa kiyya Muhammad (A.S). Si, situu ummata keetiin Rabbii guddaa dhiisaa naa haadha tiyya Rabbii lama godhaa jettee? Jennaanin Nabi Iisaan rifatee akki jedhe, yaa Rabbi simalee Rabbi jiraatuurraa sin qulqulleeysa, waan siin hin malle hundarraa sin qulqulleeysa. Waanin jedhuu haqa itti hin qabne. Yaa Rabbi odoon akkas jedhee, silaa atuu ni beeyta, waan nabsee tiyya keessa jiru hunda ni beeyta, waan ati beytu an hin beekuu, ati kan waan namarraa dhokate hundaa beekuu. Yaa Rabbi waan ati ummataan jedhi jettee itti na ajajte malee, waan biraa ummataan hin jenne, Rabbii tokkicha na uume, kan isin uume, Rabbii kiyyaa keessan ibaada, waan biraatin Rabbi hin jedhinaa jedheetani isaan ajaje" 5:116-117

Keeyyata Qur'aanaa kunniini wangeela Yohaanisii 20:17 wal-cinaa qabnee yoo dubbisnu garaagarumma Yasuus irratti qabnu ni haqa.

"Ani gara abbaa kootii fi abbaa keessaniitti, gara waaqayyoo koo tii fi waaqayyo keessaniitti ol nanb'a jedhii isaanitti anaaf himi!"

Wangeela Yohanis 20:17

**Fannifamuu Yasuus Irratti Dhoksaa Jiru**

Ilmi mariyam Iisaan /A.S/ Yookaa Yasuus Kristoosi fannifamuu dhabuu isaa haata'u malee iddoo isaa Judaasii kan jedhamu barattoota kudha lamaan keessa tokko kan ta'e fannifamuu fi Iisaan /A.S/, garuu hogguma sani dandeetti ufiitiin Rabbiin gara ufiititti fudhachuu isaa Wangeela Barnaabaasi keessatti ifaan ta'e jira. Yahuudichi Yasuus gurgure, nama Judas, Iskiriyooti jedhamu, Rabbii halluu haasawaan akka Yasuus wajjiin wal-fakkaatu tasisee, Israa'eloonni namticha ganaa kana fannisuudhaan ajeesuu, isaanii Wangeelli barnaabaasi ifatti barsiisa. Haata'u malee, wangeelli kuni, kan adunyaa irratti barreeffaman caala, ifa godhee badhinnan kan dhiyeessu wantoota bu'raa sadi kan qabte ta'uu isaatiini, dhossaadhaan qabamee, ija namaa jalaa akka goru taasifamee jira.

**Wangeela Barnaabaas**

1. Yasuus gabricha waaqaa ta'uu mirkaneessa. Waaqummaa isaa ni gana.
2. Yasuus kan hin fannifamne ta'uu akkasuma bakka isaa, Judasi fannifamuu mirkaneessa.
3. Akka barsiisa Yasuusitti, maqaadhaani dhayaa, sanyii Ismaa'el keessaa, Yasuus booda, ergamaan Rabbi kan xumuraa Muhaammad /S.A.W/ akka dhufu hubachiisa.

Dhugaawwan kunniini, gurra namaa akka hin geennee jecha, Wangeelli Barnaabaasi mana kitaaba mooticha Veeyinaa Ostriyaa/keessatti hidhamee argama. Wangeela amma jiru keessatti maaltu mul'ata?

**Wangeela Maatewos 26:36-45 yoo ilaalle,**

Yasuus yommus barttoota isaa wajjin gara iddoo dhaaba getesemanee jedhamu tokkoo dhaqe; barttoota isaatiin immoo, "Hamma ani achi dhaqee kadhadhutti as taa'aa, "jedheen.

"Pheexrosiifi ilmaan Zabdewos lamaan fudhatee dhaqee, gadduu yaadan dhiphachuutti ka'e. Yommus "Lubbuun koo hamma du'aatti baay'ee sodaatte. isin as turaa anaa wajjiinis dammaqaa!" isaaniin jedhe. Xinnoos irraa hiiqee adda isaatiin gombifamee, "Yaa abbaa Ko! ni danda'ama yoo ta'e xoofoon dhiphinaa kun ana irraa haa darbu, garuu akka jaalala koo miti, akka jaalala kee haa ta'u malee" jedhee kadhate Hubannoodhaafi, warroonni amantaa Kristaanaa yoo barsiisan Yasuus goofaa /waaqaa jedhu. Yasuus gooftaa osoo ta'e yaadan hin dhiphatu, hin gaddu, adda isaatiin gombifamee waaqa hin kadhatu ture. Qormaataa cinqaa gabricha ufii kan beeku ufi, kan itti kaluu /dhihoo jiru/ ta'e fi kan waamaraa danda'u Rabbiin maleeykaa ufii afur (4) samii gara dachii erguudhaan Yasuus gara sami fudhachuudhaani kadhaa du'aa, tan inni narra dabarsi jedhe, irra dabarsee, akka bu'ura wangeela Barnaabaasiitti, bakka isaa garuu, Judaasiin du'a akka dhadhamu taasiseen. Kanaafuu Yasuus kan dubate, wangeela amma jiru keessaa fudhannee, haala ta'een wal-bira qabnee haa ilaalluu.

**Wangeela Maatewos 26:21-24**

Utuu isaan nyaachaa jiranii Yasuus, "Dhuguma isiniin jedha, isin keessaa tokko dabarsee na kennuuf jira," jedhe. Kana irratti isaan baay'ee gaddanii, tokko tokkoon, "Ana miti yaa gooftaa! Anaa ree?" ittiin jechuu jalqaban. Inni immoo deebisee, "Inni anaa wajjiin harka kaa'ee qodaa ittootti cuuphate dabarse na kennuuf

jira. Ilmi nama illee akkuma waa'ee isaaf caalfametti ni deemaa, garuu namicha ilmi nama harka isaatiin dabarfamee kennamu sanaaf wayyoo! Namichi sun utuu hin dhalannee ta'ee in wayyaaf ture" Jedhe Namni sun eenyu? Innis Yasuusin dabarsee kan kenne (Yahuudichi) macaafa qulqulluu keessatti qormaata Yasuus fudhate jedhan hunda baadhatuudhaan xumura irratti masqala irratti kan fannifamee ta'uu, ragaawwan haala gayaa ta'een dhoksaawan ture baasanii jiru. Yasuus wa'ee ufii yoo dubatu ilmi namaa "ni deema" jedhee malee nifannifama hin jedhe. Inuma cinqaan isaa guddaan waa'ee Yahuudicha dabarsee kennee hin turree? Wa'ee isaa cinqamuu ture.

**Wangeela Yohaanis 8:21-22**

Ammas Yasuus, "Ani nan adeema isin ana barbaaduuf jirtu; iddoo ani dhaqus dhufuu hin dandeessan, kanaaf cubbuu keessaniinin niduutu. "Cubuu keessaniin niduutu" raajiin jedhame, du'a Yahuudichaatiin hojii irraa ooluun mirkanaayee jira. Dubbiin ijooni wanta kana irra deebi'ee mirkaneessu, Macaafa qulqulluu keessatti, dhugaa beekuudhaa yoo barbaadama ta'e, duuti Yahuudichaa, shakkii biraa uumuudhaan, kaayamee jira.

Yasuus akka hin fannifamne kan agarsiisuudha. Jechi akkanaa kan macaafa qulqulluu keessatti kan barreeffame dhimmichi hanga darbeen booda bara baay'ee ture waan ta'eef yaadni sirrii ta'e barreeffamuu hin danda'amane. Haata'u malee Yaasuus karaa nagaatiin du'a uduu hin dhandhamin akkaataa Qur'aana keessatti dubbatameen gara samiitti ol fudhatamuu isaa fi iddoo isaa ammo namni biroo ajjeefamuu Yihuudaan du'a gosa lamaan wal-faalleessuun du'uun raga cimaadha.

Fannoo Yasuus isa jedhamee fi akkaataa ka'umsa isaa kan awwa keessaa kan jedhameef wangeelotiin arfan akkamitti akk galmeessan akka asii gadiitti tarreessan ni dhiyaata. Sirritti ha hordofnuu akkaataa inni itti qabame illee haa xiinxallinuu.

1. Wangeela Maatiwas 26:47 - 50 << Inni dabarsee Yasuusiin kennuuf ture sun /Yahuudaan / milikkitiidhaaf << Inni an dhungadhu isa qaba!>> jaraan jedhe ture ....... <<Attam barsiisaa koo>> jedhee isa dhungate . ..... yoomus jarri itti adeemani hiixatanii Yasuusiin qaban>> .
2. Wangeela Maarqoos 14 : 44 – 45

   <<Inni dabarsee Yasuusiin kennuuf ture sun milikkitiidhaaf>> inni ani dhungadhu isaa qabaatii eeggachaa fuudhaa sokkaa>> jaraan jedhee ture. Yihuudaan akkuma achi gaheen gara Yasuusitti darbe,>> Barsiisaa koo>> jedhee isa dhungate . Jarri yommus hiixatanii Yasuusiin qaban.
3. Wangeela Luqas 22: 47 – 48

   <<Barattoota kudha lama keessaa tokko Yihuudaa kan jedhamu isaan fidee Yasuusiin dhungachuudhaaf gara isaatti dhihaate. Yasuus garuu Yihuudaa dhungachuudhaan ilma namaa dabarsitee kennitaa ?>> jedheen. As irratti Maatiwas fi Mariqoosiin adda kan ta'e mul'atu Yihuudaan uduu hin dhuganneen dura Yasuus dubbate.

4. Wangeela Yohaanis 18: 3 -9

<<Yasuus waan isatti dhufuuf jiru hundumaa beekee ka'ee itti adeeme. <<Eenyuun barbaadu ?>> isaaniin jedhe isaan immoo deebisanii << Yasuusiin namicha biyya Nazireet>> jedhan kana irratti Yasuus innoo ana>> jedheen Yihuudaan inni dabarsee isa kenne isaanuma wajjiin ni dhaabbata ture. Yeroo inni Innoo ana>> isaaniin jedhetti gara booddee isaaniitti deebi'anii ni kukkufan. Ammas eenyu barbaadu>> Jedhee isaan gaafate isaan immoo, <<Yasuusiin namicha Nazireetii" jedhan. Yasuus deebisee <<Inni ana>> jedhee isaanitti himeera.

Kanaaf ana barbaadu yoo ta'e isaan kana dhiisaa <<haa dhaqan.>> Jedhe

Wangeelota sadiin darban maraa irraa kan adda isa godhu

A. Yasuus Yihuudaadhaan hin dhungatamne.

B. Jarri isa qabuuf adeeman ni kukkufan.

Isa kamtu sirrii ta'a laata? Yohaannis moo/ jara kaan ? Luqaas moo ?

Macaafni qulqulluun waa'ee du aa ka umsa Yasuus irratti waan gara gara odeessa.

1. Wangeela Matiwas 28: 3 – 7

Kunoo ergamaan gooftichaa waaqa irraa gadi bu'ee dhufee dhagicha balbala awwaalichaa irraa gara galchee waan irra taa'eef .........<< ............ Inni isin dura

Galiila ni dhaqaa achitti isa ni argitu jedhaatii himaa! kunoo ani isinitti himee jedhe.>>

2. Wangeela Maarqoos 16: 5 – 6

   "Awwaalicha akkuma ol lixaniin dargaggeessa tokko uffata adii dheeraa uffatee cinaa gara mirgaatiin taa'ee argan."

3. Wangeela Luqaas 24: 3 – 5

   Awwaalicha keessa yommuu lixan garuu reeffa gooftaa Yasuus hin arganne. "tasa namootiin lamaa wayyaa calalalqaa isaa uffatanii isaan cinaa dhaabbatan."

4. Wangeela Yohaannis 20: 11 – 18

   <<Gadi jettee awwaalicha keessa ilaaltee (Maariyaam) Ergammoonni Waaqayyoo lama uffata adii uffatanii iddoo Yasuus kaa'amee ture, inni tokko mataa duraan inni kaan immoo miila jalaan utuu ta'an ….. kana jechaa yommuu gara galte Yasuusiin argite.>>

**Mee gabatee asii gadii ilaalaa**

| Maatiwas | Maarqoos | Luuqaas | Yohaanis |
| --- | --- | --- | --- |
| Ergamaan 1 dhagaa irra taa'ee awwaalaan | Dargaggeessi 1 kan uffata adii uffateeru awwaala | Namootiin lama awwaalaan ala dirree | Ergamoonni lamaan Awwaala keessa ta'anii |

| | | | |
|---|---|---|---|
| alatti argame | keessa. | irratti argaman | argamu. |
| 1 | 1 | 2 | 2 |
| Yasuus Galiilatti adeemeera jedhan. | Yasuus asi hin jiru jedhame . | As hin jiru jedhame. | Maariyaam Yasuusiin Awwaala cinaatti argite. |

Kiristaanotiin Yoo barsiisan Macaafni qulqulluun gargaarsa , hafuura qulqulluutiin barreeffame nuun jedhan. Hafuurri qulqulluun kun Matiwasitti ergamaan (1) dhagaa irra taa'uu yoo ibsu Maarqoositti dargaggeessi Awaala keessa taa'uu ibsaa Luuqaasitti ammoo Namootiin (2) lama Awwaalaan ala yoo jiraatan Yohaannisitti kan himame namootiin (2) Awwaala keessa taa'uu isaanii ti.

Ciminnii fi dadhabinni amantii tokkoo kan ittiin madaalamuun baay'ina hordoftoota isaa yookaan bu'aalee addunyaa kan gara gara uduu hin taane qulqullinaa fi dhugaa ta'uun qajeelfama amantichaatiin ta'uu ni qaba. Kanaafuu namni kamiyyuu bu'aa lubbuu isaa kan xumuraaf jecha yaalii fi qu'annoo isa dhumaa gochuudhaan amantii sirrii fi qajeelaa ta'e qabatuu ni qaba.

Waa'een Qur'aanaa yoo itti kaafamu warri amantii biroo hordofu ragaa tokko malee Qur'aana namatu barreesse ni jedhu. Yeroo amma Macaafni qulqulluun inni gargaarsa hafuura qulqulluu kan addaatiin kan barreeffame yoo ta'u akkamitti Wangeelotni arfan nama tokko irratti wantoota gara garaa barreessuu dada'an??

Qorannoo keenyaaf kan nu gargaaru Macaafa qulqulluu ija Qur'aanaatiin yoo gara galchinee ilaalle hubannoo gahaa argannee karaa qajeelatti deebi'uu ni dandeenna !

## Macaafotiin Kakuu Haara'a Yasuusiin hin Barreeffamne

1. Wangeelotni martuu Yasuusiin hin barreeffamne.
2. Jarri barreessanis Yasuusiin ijaan hin agarre garii isaanii. Innis barreessaa jedhee hin ajajneeyyu.

   Luuqaas 1: 1 – 6 ilaalaa

   **Fakkeenyaaf**

   Maarqoosii fi Luuqaas jarreen lamaanuu Yasuusiin ijaan kan hin argineef barattoota isaatii miti. Wangeelotni hafan lamaan kan Maatiwaasii fi Yohaannis sirrii ta'uun shakkisiisaadha. Gabatee gubbaa ilaalaa. Akkaataa fannoo fi ka'umsa Yasuus ilaalchisee!
3. Wangeelotni kunniin kan barreeffaman jaarraa 2ffaa gara boodaatti waan ta'aniif barumsa dhugaa kan

Yasuus sirritti nubarsiisuu hin danda'aniiyyu. Hubannoodhaaf ragaan kan nuuf mirkaneessu macaafa <<karaa jireenya bara baraa>> kan afaan amaaraa keessatti caqasameera.

<<Kitaabotiin Kakuu Haarawaa akkuma gooftaan keenya Yasuus ol-baheen booda yeroma sanitti hin barreefmne.

Innis barattoota isaa akka barreessan hin ajajneeyyu ture. Kanaafuu barattoonnis ummata afaanumaan barsiisaa turan. Erga ummtni kiristaanaa baay'achaa deeme iddoo marattuu babal'achaa dhufee booda barattoonni tokko tokko barumsi Yasuus kiristoos namoota hedduu akka fayyaduuf jecha wanta tokko tokko barreessuu eegalan.

Mara dura kan barreessuu eegale Phaawulos ture. Wangeela Iyyerusaalemitti kan barreesse Maatiwas ture. Roomatti ammoo barataa Pheexiroos kan ture Maarqoos warri Roomaa nuuf barreessi jedhanii waan kadhataniif afaan Phexiroosiiirraa akka waan dhagayee godhee ....... barreesse.

Luuqaas ammoo barataa Phaawuloos waan tureef ragaa hedduu Igizi'it Maariyaamiinis dabalataan gaafatee irra caalaa barumsa Yasuus Kiristoos filachuudhaan warroota Giriikiitiif ni barreesse achi booda illee hujii ergamtootaa ni

barreesse. Xumura irrattis Yohaannis wantoota Wangeelota sadii hafan irraa kan hafe yookaan kan hir'atanii guutuu fi keessattuu gooftummaa Yasuus Kiristoos sirritti ibsuudhaaf jecha Wangeela ni barreesse. Kitaabotni kunniin suutuma suutaan akka lakk. Awurooppaatti bara 50 hanga naannoo dhibbaatti gargaarsa hafuura qulqulluu kan addaatiin barreeffaman.>>

Gabaasa kana irraa

A) Kan hafan yookaan kan dhihaatan

B) Gooftummaa Yasuusii sirritti ibsuudhaaf jecha yoo xiinxallamu Kitaabni Rabbii hin dhidhatu keessa illee hin hafu. Dura guutuu ta'ee uduu hin kennamin hafee ti Yohaannis itti funaana jechaa ??

Garaagarummaa qajeelfama amantii islaamaa fi kiristaanaa jidduu jiru yoo xiinxallinu Qur'aanni qulqulluu ta'uu isaa akka kanaa gadiitii ufi ni ibsa:

"Qur'aana kana keessatti akka hubataniif jecha fakkeenya maraa sirritti ibsineerra walitti bu'iinsi kan keessa hin jirre isa afaan Arabaatiin kan ta'e ibsinee ni jirra akka uf eeggataniif jecha" al Qur'aan 39: 27 – 28

4. Ragaa seenaa kan gara biroo irraa argame irraa akka mirkanaa'etti yeroo durii wangeelotni barreeffaman 300 oli yoo ta'aniyyuu filannoo mana kadhaa kiristaanaatiin

wangeelotni hafan martinuu akka gataman taasifamaniiru. Namootiin kitaaba Rabbii filanii kaan gatuudhaan aangoo ni qabuu ?

Kitaaba amantiilee adda addaa kan Taaffasa Muluneeh qopheesse jedhu

Fuula 50 irratti haa ilaalluu. <<Dhugumaan barattoonni kan biroo ergaaleen isaan barreessan ni jiru. Haata'uu malee kan yaadotni isaanii kan irra deddeebi'an addaan baasuudhaan hubannoo amantiitiif kunniinuu ni gaha jechuudhaan namichi Atinaatewas jedhamu yaada dhiyeessuudhaan tarreessi kitaabota isaanii yaa'ii walii galaatiin waan fudhatama argateef bara sana irraa jalqabee ittiin hojjetamaara.>> Kitaabotnii Kakuu Haarawaa Yasuus gara mana Sama'aa erga fudhatameen booda waggootii baay'ee turan barreeffamuu yoo hubanne akkuma kana Yasuus ammoo akka barattoonni isaa barreessanis yoo ajaja hin kennine. Haata'uu malee barattoonni ammoo fedhii mataa isaanii irraa ka'anii yoo barreessan dhimmichi akeekkachiisa cimaa qur'aana keessatti caqasameen wal-simee waan argameef Wangeela Muslimtootaaf geessuu irraa dhugaa qulqulluu ta'e Qur'aana Muslimtoota irraa akka fudhatan isin ni gorsina.

Warri harka isaaniitiin kitaaba barreessanii kitaabichaan gatii xinnoo ittiin bitachuudhaaf jechi kun Rabbi irraayi jedhan badiitu isaaniif jira.>>

Qur'aana 2:79

Phaawuloosis kitaaba harka isaatiin barreessuu isaa ragaa yoo bahu akkana ni jedha. <<Qubeedhan gurguddaan akkam bareedaniin ani Phaawuloos akka isiniif barreesse ilaalaa>> Galaatiyaa 6: 11

## Qoodamni Amantaa Kristaanaa Raajii Qur'aanaan Dubbatame

Waan hunda dura bara 610 akka lakk. Awurooppaatti kanNabi Muhaammadiin (S.A.W) irratti kan bu'e Qur'aanni akkaataa amantiin kiristaanaa adda addaan fottoqaa deeman akka raajiitti lafa kaa'eera. Jarraa 14 duratti jechi Rabbi Qur'aanaa keessatti dubbatametu yeroo ammaa hujitti hiikamee argameera.

Amantiin kiristaanaa yeroo duraatiif addunyaa irratti kan uumamte akka lakk. Awurooppaatti bara 42 waggaa 9 Yasuusiin booda biyya Sooriyaatti Anistookiyaa iddoo jedhamutti ture.

Guyyaa uumamte irraa jalqabee wal-dhabbii fi wal-lola guddaan akka isaan jidduu ture mee Macaafa Qulqulluu haa ilaalluu.

Dameewwan adda addaa kan jaarraa kana keessatti argaman garaagarummaa guddaa wal-giddutti akka qaban seenaaf taa'ee haalli qabatamaan amma jiru ni mul'isa. Haalli qabatamaan amma jiru kunis jechoota Qur'aanaa hujitti hiikamuu nutti ni agarsiisa.

Tokkoon tokkoo (gariin) isaanii Yihuudaa irraa gadi bu'anii akka seera Muusetti yoo kan hin kittaanannee taatan hin fayyitan jechuudhaan obboleeyyan barsiisaa turan isaanii fi Phaawuloos akkasumas Barnaabaas giddutti wal-dhabbii fi wal-mormiin guddaan yeroo uumame Phaawuloosii fi Barnaabas akkasumas isaan keessaa illee namootiin tokko tokko filatamanii akka jaarsummaadhaan murtiin kennamu taasifame.>> hujii ergamtootaa 15: 1- 2

<<Barattoonni fi jaarsotnis waa'ee kana irratti mari'achuudhaaf walgahan >>

Hujii ergamtootaa 15 : 6

<<Guyyaa xinnoodhaan booda Phaawuloos Barnaabaasiin deebinee jecha gooftaa magaalota itti dubbannee marattuu obboleeyyan haa daaw'annuu akkamitti akka jiranis haa beeknuu>> jedheen. Barnabaas Maarqoos kan jedhame Yohaanisiin akka isaan wajjiin deemu ni barbaade.

Phaawuloos garuu nama kana akka isaan wajjiin deemu hin barbaadne kanaaf isaan lamaan giddutti haga gargar bahanitti wal-jibbaan uumame.

Baarnaabasis Maarqoosiin qabatee Dooniidhaan gara Qophiiros yoo deemu Phaawuloos sillaasiin filate.>> Hujii ergamtoota 15: 36 – 40

Asumarraa tokko jedhamee yoo jalqabamu Hawaariyaatonni lama wal-dhabanii gargara bahuun fi fofottoquun akkuma kana karaa isaaniitiin barumsa qofa isaanii tamsaasuun qoodama amantii kiristaanaatiif gumaacha guddaa waan qabu dhimmi wal-faallessuu fi wal-dhabbii kiristaanotaa Qur'aana qofa oduu hin taane Macaafa qulqulluudhaanis mirkanaa'aadha.

Inni asii olitti ibsame gargar bahuudhaaf bu'ura haa ta'u malee fofottoquun fi gosaan, lagaan , naannawaadhaa fi dhimmoota adda addaatiin gargar bahuun Qur'aanaa booda itti fufuudhaan hanga ammaatti maqaa adda addaa moggaafachaa qabatamaan dameewwan haarawaan uumamaa jiraachuun ifa galaadha. Akka ragaatti seenaan addunyaa fi mana kadhaa kiristaanaa mirkaneessanitti fakkeenyaaf wal-gahii bara 325 kan Niqiyaa kan bara 381 qunsxiinxiniyaa kan 431 Efesoon fi 451 Qaal-kidoon ragaadha.

Qur'aanaan booda maaltu ta'aara ?? Qur'aana booda bara 610 asi maal akka fakkaatu gabaabinnaan hubachuudhaaf raajiiwwan Qur'aanaa raawwatamuuf hujitti hiikkamuu kan nu agarsiisu hubachuudhaaf jaarraa 7ffaa – 21ffaa kan jiran seenaa mana kadhaa kiristaanaa garagalchinee ilaaluu nu barbaachisa.

Qoodamni amantii kiristaanaa asiin booda illee hanga guyyaa xumuraa kan itti fufu ta'uu isaa fi kiristaanota giddutti wal-jibbiinsaa fi diinummaa Rabbii itti facaasuun dubbatameera. Kunis akka raajiitti hujitti hiikkamaara.

1ffaa Ortoodoksiin Giriik Kaatoolikii irraa fottoqu

<<Awurooppaa bahaatti dhimma amantii uduu hin taane qorumsa hinaaffaatu ture. Phaaphaasiin Qunsxinxiiniyaa kan Roomaatiif ajajamuu hin qabuuyyu mataa isaatii mataa isaa bulchutu irra jiraata jechuudhaan ufiin uf bulchuu hin barbaadan. Akka lakk. Awurooppaatti bara 879 Foostiyoos kan jedhamu gargar bahuu kana hujii irra oolchuudhaaf yaalii godhaa ture isaan booda garuu bara 1054 Paatriyaark , Miikaa'il , Qawurulaa yoos kan jedhamu uggaatii kana irraa deebi'ee hanga fottoquutiin gahe. >> Mikaa'el Xalayaa Roomaa liqaanaa Phaaphaasotaa ibiddatti darbee ummata maraa qabatee kaatoolikii irraa fottoksuudhaan mana kadhaa Ortoodoksii ijaare. Munaafiiqa irra caalaa

beekamaa kan ta'e Maartiin Luteriidha. Innis waraana banee manneen kadhaa kaatolikii fi gadaamota saamee abuunota aangoo irraa buusuudhaan akkasumas ajjeessuudhaan amantii Luterii tan Khahinatii hin qabne akka waan amantii kaatoolikiitiif dhumateefitti uumate. Hordoftoonni Luterii bara 1525 irraa eegalanii pirotistaantii jedhamanii ni moggaafaman. Yeroo santti Nugusichi biyya Ingilaand kan ture Heenrii 8ffaa Kaatoolikii fi amanamaa cimaa waan tureef barumsaa fi kitaabota Luterii mormee ture. Haa ta'u malee yeroo xinnoodhaan booda fedha foonii guuttachuudhaaf jecha haadha manaa 2ffaa fuudhaaf gaafatee Phaaphaasiin Roomaa waan eyyama kennuu dideef lolee Kaatoolikii irraa fottoquudhaan akka Lakk. Awurooppaa bara 1534 mana kadhaa kiristaanaa kan biyya Ingiliiz jiru maraa too'annoo jala oolfatee warra isaa ajajamuu dide ajjeesuudhaan Abuunotii baay'ee ummatnii fi kaahinaattonni baay'een dhumanii yeroo kanatti manni kadhaa Aangilikaan jedhamu biyya Ingiliizitti jalqabame. Kitaaba karaa jireenyaa bara baraan jedhamu fuula 155 – 159. Asii olitti akkuma argine Kaatolikootii waqsaa guddaadhaan Ortoodoksii warra Giriikii fi isaan kaawwanis kan irraa fottoqan abaaraatiin jirti. Haata'u malee dhiiga Kiristaanotaa gidduttí dhangala'aa tureef kiristaanotiin

hafan martuu kaatoolikii ni balaaleffatu. Kaatoolikootiin himannaa kana goonkumaayyuu hin fudhatan. Isaan kuun munaafiqoota waan ta'aniif tarkaanfii irratti akka fudhatan ni mirkaneessu. Badii fi miidhaan karaa Kaatolikii fi orman kaawwan irra gaye maal akka fakkatu asii gaditti haa ilaalluu ! <<Hordoftoonni amantii Islaamaa Makkaa Su'uudii Arabiyaa irraa babal'ataa dhufanii gara iyyursalaamitti yoo dhiyaatan kiristaanotiin awurooppaa dhiyaa biyyi Yasuus kiristoos fi bu'ura seenaa kirstaanaa iddoo taate tun hordoftoota amantii Islaamaa jalatti kuftee arguu hin barbaadne. Kanaafuu warri fedhii isaaniitiin duula Awurooppaa guutuu irraa walitti bahan gara bahaatti ni duulan. Phaaphaasotiin namni duula kana irratti hirmaate cubbuun isaa ni haqamaaf jedhanii ni labsan. Waan ta'eef duulli kun bara 1095 jalqabamee itti fufe. Waraanni kunis waggoota dheeraaf (hanga 1396) geggeefame sana keessatti << Waraana fannoo>> jedhamee ni beekama. Ka'umsi inni duraa Muslimtoonni bara 637 tti Iyyarusaalamiin qabatanii waraanni fannoo kun itti fufe. Bara 1099 Kiristaanotiin Iyyarusaalamiin gadi lakkisan. Haat'u malee irra deebi'anii Muslimtoonni hogganaa isaanii Salahaddiin 1187 tti deebi'anii qabatan waraannis itti fufe. Bara sana keessatti deemsi gara giddu-gala bahaa miilaan waan tureef loltoonni

karaa irratti obboleeyyan isaanii Kiristaanotiin nyaachifamaa gargaaramaa ni deemu turan. Karaa kanaan deeggarsa hamilee guddaa argataa ni turan. Haata'u malee waraanni dheerataa akkuma deemeen warra deeggarsa kennu irratti bu'aa irra miidhaan caalaa ni deeme ture. Duultonni fedhiidhaan duulan kunniin amantii warra bahaa kan isaaniitiin adda ta'u hanga baranii booda gara jibbiinsaa fi saamichaatti akkasumas dirqisiisaa ummata irraa fudhachutti gara galan. Jiraattota irraa miidhaan gahaa ni ture. Xumura irrattis bara 1204 guyyaa sagadaa kan jedhamutti loltoonni machiidhaan ka'anii magaalaa Qunsxinxiiniyaa saamuudhaan Islaama waraanna jedhanii warri duulaaf bahan ummata Kiristaanaa cafaaccafanii gara laafinsa tokko malee magaalatti ni guban. Qunsxinxiiniyaan waggota kumaa fi giddu gala aadaa fi qaroomaa kan turte guyyoota sadihiif rukuttaadhaan diigamte. Kitaabotiin manneen kadhaa kiristaanaa fi gadaamotiin ni gubatan. Manniin jireenyaas. Kanaafuu hardha Ortoodoksiin. Giriikii fi Kaatoolikii Roomaa gidduu sababa kanaaf garaagarummaan ni jira. Warra Kaatolikii irraa fottoqan adabuudhaaf jecha biyyoota adda addaa keessatti dhaddacha guddaa (great inquisition) dhaabanii namootiin budaa , salaabii fi matataanyota jechuudhaan cunqurfamtoota

gantoota jechuudhaan walitti funaananii ibiddaan gubuu jalqaban. Akka kanaan Awurooppaa keessatti ummata kuma dhibba tokkoo olitu dhumate ni jedhama. Sababa kanaaf wal-giddutti komiin baay'ataa ni dhufe. Kana waan ta'eef Qeessiin Jarmanii Maartiin Luter mormaa ta'ee ni ka'e jecha mormaa jedhu kana kan afaan Ingiliffaa irraa maqaa pirotstantii jedhamu moggaafameef. 2ffaa gargar qoodama Pirotstantii:

A) Metodist biyya Ingiliizii keessatti bara 1790 warroota 14 univeristii Oxfoordii keessa jiraniin uumamte.

B) Walda'oota (congregationalists).

C) Cuuphixota (Baptist).

3ffaa Ergaa Hawaariyootaa (Evangelism) kan Ameerikaa keessatti uumame.

4ffaa Adveentistiin bara 1844 biyya Ameerikaa keessatti uumame

5ffaa Joohovaan Ameerikatti bara 1872 .

6ffaa Mana Kadhaa Kiristaanaa Hawaariyaa haarawa qu'annoo bara 1835 – 1838 godhameen ibsi tokko bahe.

Amantii pirotestaantii Itiyoophiyaa keessatti.

1ffaa Mulu wangeeliin gara Itoophiyaa kan seene bara 1945tti. Misiyoonota Finlaandii irraa seenaniin yoo ta`u

booda ammoo bara 1961 biyya Siwidiin irraa seenaan dhufe.

2ffa Qaala Hiyiwatiin kan madde (Sudan Interior missionary) irraa yoo ta'u bara 1920 moota keessa seene. Hundee irraayyuu misiyoonota nama 3 tiin Ameerikaa keessatti dhalate bara 1893.

3ffaa Masarata Kiristoos kan jedhamu baroota 1950 ta magaalaa Adaamaa Hospitaala Hayla Maariyaam Maammoo keessatti ture.>> Garaagarummaa Amantiilee Taffassaa Mulunah bara 1997 finfinnee fuula 92–118

Hordoftoonni amantii kiristaanaa qorachuu fi hubachuun kan isaan irraa eeggamu qabxiin inni guddaan qajeelfamni amantii Islaamaa Qur'aanni:

A) Kiristaanota gidditti diinummaafi wal jibbiinsatu facaafameera yoo jedhu maal jechuu dha? Inni kunis amman tana wanta kiristaanota giddu jiru moo kan hin jirre? Yoo jiraateef amma raajiin kun kan dubbatame Rabbi irraa ta'uun shakkiin hin jiru. Shakkiin yoo bade ammoo amantiin Islaamaa fudhachuun filanno isa xumuraa ti.

B) Amantii Rabbiin hin eeyyamin ufii uumattan jechuun maal jechuudha? Ameerikaa keessatti namni lama fi

sadi wal gahee ibsa amantii yoo baasan addunyaa wajjiin hiriruun nama hin qaanessuu?

Kiristaanotiin gaafii hundee irraa deebisuu qaban amantiilee Kiristaanaa kan amma jiruu miti kan durii duriituu Yasuusitu barsiise? Mitii deebiin! Wangeelota Arfan keessattis ilmi namaa amantii Kiristaanaa irratti kan jedhu hin jiru. Irra caalaa ragaa amantii kiristaanaa iddoo Yasuus hin jirretti maqaan isituu ittiin moggaafamee fi bara wajjiin yoo hubanne Yasuus harka keessaa hin qabu yoo ni qaba namni jedhu kan argamuu macaafa kam keessatti? Akkuma hujii ergamtoota 11:26 keessatti caqasametti <<Hawaariyootonni yeroo duraatiif Antsookiyatti kiristaana>> Waan jedhamaniif Yasuusiin alatti maqaan itti moggaafameera.

Yasuus eega waa`ee Ortodoksii Kaatolikii fi Pirotistaantii hin barsiifnee amantii isaa maal? Ergaan isaas? Amantiin nama Rabbiin tokkochoomsee hundaa Islaama. Yasuus akkasuma Muslima. Sababaanis waa`ee kiristaanaa uduu hin ta`in waa`ee tokkochummaa Rabbi qofa waan barsiisaa tureef. Wanti amma addunyaa irratti ta`aa jiru kanneen martuu fedhaa fi ajaja isaatiin ala waan ta`eef hundee barbaaduun guddisee nama ni barbaachisa jabaadhaa qoradhaa obsaan hanga dhugaa irra geettaniif. Raajiiwwan

Qur`aana hujjitti hiikkamuuf haala qabatamaa amantii Kiristaanaatiin wal simuun guddisee waan hubannoo namaa kennu waan ta`eef sammuu keenya barumsaa fi qorannoof haa olchinu. << Rabbi biratti amantiin dhugaa Islaamaa qofa. Isaan warri kitaabni kennameef hinaaffii isaan gidduu jiruuf mala hanga beekkomsii isaanii dhufeen booda malee gargar hin baaneyyu >> 3:19 Akkuma Macaafa qulqlluu keessatti dubatamee Yasuus amantii Kiristaanaa tan seera Nabiyyoota duraa cabsitee abbaa ilmaafi hafuura qulqulluu tokko jechuudhaan barsiiftu qabatee hin dhufneen. Seera Muusaa keessattis waaqeffannaan Rabbi waan sadii walitti tokko ta`u jedhamee hin barsiifmne. Warri Muusaan dura turaanis tokkoon isaaniituu tokkochoomsuu Rabbii irraa hin dabne. Yasuus kanniinumaa jarri darban ittiin dhufan mirkaneessuudhaaf dhufe jedhee dubbatee jira. Yasuus << seeraa fi barsiisa raajotaa diiguudhaaf waanan dhufee hin sehinaa. Ani isaan raawwachuudhaaf dhufe malee diiguudhaaf hin dhufne. Ani dhugumaan isinitti himaa. Hamma waaqnii fi lafti badanitti seericha keessaa qubeen xinnaan tokko yookiin gar tokkee qubeedhaa uduu fiixaan hin bahin hin baddu .>> Mat 5:17 - 18.
Ummata addunyaatiif ifnanaa fi qajeelchaa ta`ee kan bu`e Qur`aanni qulqulluunis jecha Yasuus kana ni mirkaneessa.

Nabiyyootni duraatii fi Yasuusillee waa`een isaan barsiisan waan karaa Rabbi tokkochaa ta`eef karaan kunis Islaama yoo ta`u namni tokko karaa kana irratti yoo deebi`ee eenyuu haata`u Rabbiif ajajamee jira. Islaama jechuun Rabbi tokko kan waa mara uumeef ajajamuudha. Ajajamuudha jechuun kun seera 10 keessaa isa ol`aanaadhaa. Kanaafuu Muslima jechuun namuma Rabbiif masakamu yookaan ajajmu. Dura dursoo irraa eegalee Nabiyyootiin gara addunyaa kanatti ergaman martuu kan barsiisan waa`ee amantii kiristaanaa miti. Haqa kana kan nuu dhuga`oomsu waa`ee amantii kiristaanaa Yassu uduu hin barsiifne biraa gara sama`aa ol bahuudha.

Si isin Nabi Ibraahim, ilmaan isaa, Ismaa'iil, Ishaaq, akkasumas Yaaquubii fi Ilmaan isaa (Asbaax) jarri kun hundinuu Yahuudaa yookaa Nasaaraadha turan ni jettanii ? isintu beeka moo Allaahii jedhiin. 2:140

Waan Nabi Ibraahimi irratti buufamettis amanne, waan Nabi Ismaa'il fi Nabi Ishaaq irratti buufamettis amanne Yaaquubii fi ilmaan isaa kanneen (Asbaax) jedhamu irratti buufamettis amanne waan Nabi Muusaa fi Nabi Isaa kenname ttis amanne, waan Ambiyoonni biraa hundi Rabbii isaanii irraa argatanittis amanne, Ambiyoota Rabbii tokkoo

isaanii kan hin addaan hin baafne hunda isaaniitittuu ni amanna. 3:84

Xumura irrattis yasuus kan barsiise jireenya bara baraa argachuuf ajaja eeguu fi Rabbi tokkichatti amanuu malee wanta gara biraa irraa jijjiiraa hin jenne. Rabbiin ammoo gooftaa isaa waan ta`eef inninuu itti amanee Muslima jechuudha.

<< Dhuguma dhugaatiin isaanitti himaa dubbii koo dhaga'ee isa ana ergatti kan amanu jireenya bara baraa qaba. >> Kanuma Islaamummaanis kan barsiiftu. Rabbi Rabbumaa yasuus ergama!! Yasuus itti fufee barattoota isaatiin << Garaan keessan hin raafamin waaqayyotti amanaa.>> yoh. 14:1

<<Nabi Iisaan hoggaa ergame Mu'ijizaa fi seera Rabbiitiin dhufu Yaa ilmaan Israa'iilii dhugumaan Nabiyyummaa fi seera Rabbiitiin isinitti dhufe, waan garii kan heera Toowraatii irraa keessatti wal-dhabdan isinii addeessuudhaaf dubbii dhugaa tan taate tabiraa isinittiin dhufe Rabbi sodaadhaa waan ani isiniin jedhu dhagaya Allaahiin Gooftaa kiyyaa fi Gooftaa keessanii.>> 43:63-64

Oli gubbatti waangela yoh 14:1 kan dubbatameen tokkoma.

**Macaaini Qulqlluun Waa`ee Muhammad ( S. A. W.) Maal Jedha**

1. Macaafa Anbaaqoom Raajicha 3:3
2. Macaafa Isaayaas Raajicha 21:7
3. Macaafa Isaayaas Raajicha 42:1-25
4. Waangeela Yohaanis 16: 5 - 8
5. Waangeela Baarnaabaas
6. Mul`ata Yohaanis 19:11
7. Seera keessa Deebii 18:18

Waa`een dhufaatii Nabiyyii Muhammad (S. A. W.) ergamummaa isaanii macaafa qulqulluu keessatti akkuma asii olitti ibsametti ta`ee tokko tokkoo isaanii tarreessan gadi fageenyaan ni ilaalla.

Bu`ura irraa gadi yoo hubatame nabiyyiin Muhammad (S.A.W) sanyii Nabi Ibraahim (A.S) ti. Seera Uumamaa 22:18 keessatti Rabbiin Nabi Ibraahimiin (A.S) akkana ni jedha:

<< Atu waan anaaf abboomteef sabni biyya lafa irraa hundinuu sanyii keetiin ni eebbifama.>> Nabi Ibraahim ( A.S) ilma isaanii kan hangafaa Ismaa`iliin ciincaadhaaf yeroo dhiheessanitti waada Rabbiin irraa seenameef ummata addunyaa maraa karaa sanyii isaaniitiin

eebbisudhaaf. Gaafiin inni guddaan sanyii kam? Hata`u malee dhugaa kana dhoksudhaaf ciincaadhaaf kan dhiyaate Yisihaaq malee Ismaa`elii miti kan jedhu Macaafa keessa tti faallessanii ni jiru. Dhimmi kun akka karaa Ismaa`eliin ta`e raawwiin isaa ifa gala ta`ee ni mul`ata. Yeroo sanatti Nabi ibraahim (A.S) ilma tokko waan qabaniif Yishaaq waan hin dhalanneef ciincaadhaaf kan dhihaate Ismaa`el yoo ta`uu sanyii ummatichi addunyaa martuu ittiin eebbifamuus kanuma Ismaa`elii ti. Dhimmi kun uduu kan Yishaaqiif dubbatameera ta`ee << Ilma kee tokkicha na hin dhooggannee>> hin jedhamuu ture. Yeroo Yishaaq dhalate ilmaan lamatu turan.

Yihudotiin garuu Ismaa`el ilma seeraan dhalatee miti jedhan ni yakku. Rabbiin kan isaan caalaa beeku ilma seeraa waan ta eef eebbiseenii ni jira. Maacaafa seera uumamaa 17:20 << Waa`ee Ismaa`eliif immoo ani siif dhagaheeraa kunoo isa nan eebbisa.>> Rabbiin uduu nan eebbisaa jedhu kitaabaa isaanii keessatti barreeffamee ija ufiitiin dubbisanii uduu argan ilma seeraatii miti jechuun waan wal falleessuuf fudhatama hin qabu.

Kunoo Arabootiin dhalootaan ijoollee Ismaa`el yoo ta`an Israa`elootiin ammoo dhalootaan ijoollee Yisihaaq

ta`uudhaan abbaa isaanii Nabi Ibraahim (A.S) irratti walitti galan. Gosa Ismaa`el keessaa Nabi Muhammad (S.A.W) ergamaa xumuraa kan ummata addunyaa maraa yoo ta`e maaltu bade? Ilma namma maraaf ergamuu isaaniitiif Qur`aanni ni jedha. << Yaa Muhammad (S.A.W) jedhi yaa ilmaan namaa! Ani ergamaa Rabbii ti isin mara keessan irratti. Innis (Rabbiin) Isa sana kan motoomni samaa`aa fi dachii kan Isaa qofaaf taate. Isa malee Rabbiin biraa kan dhugaan gabbaramu hin jiru. Ni ajjeesa. Allaahitti akkasumas isa sana kan allaahii fi jechoota isaatti kan amanu Nabiyyii hin barreessinee fi hin dubbifnetti amanaa. Karaa qajeellotti akka qajeeltan isuma hordofa.>> 7:158 As irraa qabnee raajiwwan tokko tokko ni ilaalla.

1. Macaafa Anbaaqon Raajicha 3:3 << Waaqayyoo inni qulqulluu biyya Teemanii fi Tulluu Faaraan irraa ni dhufa. Guddinni Isaa sama`a galanni isaas dachii ni guuta.>>

Teemaan biyya maqaa ilma ismaa`eliitiin Moggafte kan yeroo ammaa Madiinaan beekkamtu yoo taatu Tulluun Faaraa ammoo kan argamu jaallannus jibbinus Makkaadha. Guyyaa ayyaana Arafaa Muslimtoonni addunyaa miliyoonotaan lakk`aaman naannoo Tulluu Faaraa kanatti

<<Allaahu akbar fi Alhamdulillaah>> jechuu dhaan ni waaqeffatu. Hiikkaan isaa Rabbiin Guddaadhaa fi faaruun galannis kan Isaa ti jechuu dha. Tulluun Faaraa Makkaan ta`udhaaf ragaan isaa macaafa qulqulluudha. Macaafa Seera Uumamaa 21:21 haa ilaalluu.

<<Inni (Ismaa`el) Faaraan lafa onaa keessa ni jiraate.>>

Waaqayyo qulqulluun Tulluu Faarraa ni dhufa yoo jedhu dhufaatii ergamaa Isaa ergaa Isaa qabatee Makkaan ka`uu nutti ni agrsiisa. Tokkon sirni amantii Kiristaanaas ta`ee kan Ayhuudii waaqefannaan isaanii Tulluu Faaraa fi Teemaaniin kan walitti hidhate gonkumaa hin jiru.

Kanaafuu dhimma macaafa qulqulluu keessaatti caqafamee kana abbootiin macaafichaa akkamitti hujii irraa oolfatu? Musilimtoonni Makkaadhaan yoo hujiitti hiikattan gammachuudhaan.

2. Macaafa Isaayyaas Raajicha 21:7

   <<Abboota gaala yaabbatan yoo arge sirritti hubatamee haa caqasuu.>>

   Akka seenaa irraa hubatametti Nabi Muhammad (S.A.W) fi hordoftoonni isaanii gaala yaabbataa deeman. Akeekachiisa guddaadha kun.

**3 Macaafa Isaayyaas Raajicha 21:13-17**

(Wanti biyya Arabaa irraatti dubbatame) Wanti waa`ee biyya Arabaa irratti dubatame kanatti fufee ni jira. <<Yaa imaltu warra diidaan bosona buufadhaatii achuma bulaa! Yaa warra biyya Teemaan warra dheebotaniif bishaan kennaa! Warra baqatanii dhufan buddenaan simadha! Isaan billa (albee) luqqifame jalaa baqatanii Iddaa dhiifamee fi lola guddaa jelaas ni bahan. Ammas wanti waaqayyoo anatti hime.

<< Akka namni qacaramee hojjettu waggaa lakka`atutti. Si`achi waggaa tokko keessatti ulfinni qeedar gadi ni deebi`a. Ilmaan qeedar warra jajjaboo warra xiyyaan waranan keessaas muraasi ni hafu.>> kan jedhuudha. Waaqayyoo gooftaan Isiraa`el kana dubbateera.

Kiristaanootiin naannoo keenya jira wanti isaan dadhaban dhugaa qabatamaa Macaafa isaanii keessa jiru fudhachuudha. Dhimmi kitaabicha isaanii keessatti caqafame kun hujiitti hikkameera moo hin hikkamneeyyuu? Yoom hiikkama? Kana qofa uduu hin taane rakkinni cimaan jiru wanta kana gad fagenyaan qu`achuudhaaf fedhiinsa hin jiru. Mataa dubbitti yoo deebinaaf Itti gafatummaan Araba

irratti Macaafa qulqulluu keessatti qoodame kennameeru kun waan addunyaa irratti lallabamee Itti gaafatummaa Arabootiin guyyaa Nabi Muhammad (S.A.W) ergaman irraa eegalee faca`aa ni jira. Innis itti gaafatama Islaamummaa fudhachuu fi fudhachisuu. Kanaafuu kiristaanotiin irra deddeebi`anii waan Macafa isaanii keessatti dubbifame raawwii isaa hordofuudhaan karaa kolbaatti deebi`uun murteessaadha.

Nabi Muhammad (S.A.W) ergamaa Rabbii kan xumuraa ta`anii yoo ergaman ummatichi isaan keessaa dhalatan ergmummaa isaanii jibbuudhaan waraanaa bananii Nabi Muhammad (S.A.W) fi hordoftoota isaaniis fixuudhaaf akkasumas Islaamummaa dhaamsuudhaaf yaalii dhumaa yoo godhanis bu`aan isaanii hin bareedneef. Ergamaan Rabbii (S.A.W) haalli Makkaa (Qeedar) amantii isaaniitiif mijaa`aa ta`uu dhabnaan gara Madiinaa (Teeman ) godaanuun murteessaa ta`uu hordoftoota isaanii hubachiisuudhaan bara 622 adeemsa gara Madiinaa (Teemaan) jalqaban Achiin booda mormitoonni Makkaa (Qeedar) humnaa fi qabeenyaa isaanii walitti buusanii waraana hiriirsanii waggaa tokkoon booda Nabi Muhammad (S.A.W) fi hordoftoota isaaniis yeroo

dhumaatiif lafa irraa fixanii Islaamummaa dhabamsiisuudhaaf gara Madiinaa (Teemaan) duula bobba`an kanarratti dhugaan irra hin darbamin tokkotu jira. Innis ergamaan Rabbii (S.A.W) yoo hordoftoota isanii wajjiin Madiinaa dhufan ililchaa isaan simachuun raawwii raajii kanaa gara lamaan hojiitti hiikkame argameera. Faallaa lamaan haa hubannu. Makkaan (Qeedar)- Waranaan Islaamummaa yoo mormaa Madiinaan (Teemaan)= Bishaaniif buddeenaan simachuudhaan ni beekkamti. Makkaa irraa namootiin 1300 gara Madiinaa yoo duulaaf deeman Madiinaa irraa ammoo Muslimtoonni 300 daldaltoota warra Makkaa ari`uudhaaf akka tasaa akkuma Macaafa Raajicha Isaayyaas keessatti waggaa tokkoon booda jedhame bara 623 tti iddoo Badri jedhamtutti walitti bu`an. Waraannis banamuudhaan Musilimootiin mo`aachuudhaan abbaa mirgaa yoo ta`an mormitoonni Makkaa mo`atamuudhaan salphina uffatanii mataan isaanii cabee gara Makkaa deebi`aniiru. Seenaa Islaamaa keessatti waraanni kun iddoo guddaa kan qabu yoo ta`u karaa biraatiin ommoo raawwiin raajii kanaas mul`ateera. Dabalataan hubannoo argachuudhaaf Qeedarii fi Teemaan ijoollee Ismaa`el yoo ta`uu isaanii Macaafa Seeraa Uumamaa 25:12 irraa dubbisuun ni danda`ama. Karaa

biraatiin raajicha Isaayyaasiif Nabi Muhammad (S.A.W) gidduu waggoota 1350 yoo ta`u waggootaa 1350 duraatti Macaafa Qulqulluu keessatti himamee Arabaan hujiitti hiikkamuun dhugaa ta`uu Islaamummaaf ergamummaa Nabi Muhammad (S.A.W) Dhugaan ifa baheen booda wanti hin fudhatamneef maaliidha? Karaa borootiin raajiin kun biyya kiristaanaa keessatti yoo hujitti hiikkamee yoo jiraate baraa fi iddoo isaa caqasuudhaan nu barsiisuu ni dada`an. Yoo ta`uu baate dhugaa dhoksinee yoo irra darbineef Rabbii ifa baasee waan jiruuf warra dhugaa kana fudhachuu didaniif bu`aan isaa gaarii hin ta`uyyu. Yoo dandeenne barsiisuu yoo dadhabne baratuudhaaf sammuu keenna banaa gochuun ni barbaachisa.

**4) Macaafa Isaayyaas Raajichaa 42 Garbichi Waaqayyoo Biyya Lafatiif Ifa Ta`uu Isaa** Waaqayyoo itti fufee, << Kunoo garbichi koo inni ani irkisee qabu kan nafseen tiyya itti gammadde inni ani jaalladhu isa kana! Ani hafuura koo isaaf kenneera. Inni murtii qajeelaa saba lafa irrattiif ni baasa. Inni hin iyyu. Hin wacu. Sagalee issa karaa irratti akka dhaga`amu hin godhu. Inni jajjabaa buruqfame hin cabsu. Foo`aa ibsaa isa seequs hin dhaamsu. Inni amanumummaadhaan murtii ni kenna. Inni murtii qajeelaa

lafarratti hamma fidutti ittuma fufa malee hin dadhabu abdii isaa hin kutu. Warri biyya galaana gidduu keessa jiraatanis seera isaa abdiidhaan ni eeggatu.>> jedhe.

Waaqayyo gooftaan inni bantiiwwan waaqaa diriirse inni biyya lafaa fi wanta isarratti biqilu uumee inni lafa kanarratti namootaaf hafuura kenne warra lafa irra jiraatan hundumaafis jireenya kenne.

Ani waaqayyoodha. Ani qajeellummaadhaan si waameera. Ani harka sin qaba. sin eegaas. Saba ani kakuu galeefiifis ifa akka taatuuf si kenneera. Ija warra jaamaa akka bantu warra hidhaman akka hiiktu warra dukkana mana hidhaa keessa jiranis akka baaftu sin godha.

<<Ani Waaqayyoodha. Maqaan koo isa kana. Ani ulfinna koo nama birootiif hin kennu maqaa koo isa ittin galatoomfmuus waqayyoolii tolfamaniif hin dhiisu. Kunoo wanti duri dubbatame ta`eera. Amma ammoo waan haarawa isinitti nan beeksisa. Utuu inni bakkeetti hin bahiinis dursee isinitti nan hima. >> jedha. Faarfannaa haaraadhaan waaqayyoon faarfadha! Galata isaas hamma andaara lafaatti hima! Warri galaana irra deemtanii fi warri isa keessa

jiraattan hundinuu biyyi galaana gidduu fi warri achi keessa jiraatn hundinuu isa galateeffadha!

Lafti onaa fi gandoonni achi keessa jiran warri Qeedaar keessa jiraattanis sagalee isaanii ol haa fudhatani! Warri ganda Seellaa keessa jiraatan gammadanii haa ililifatanii mataa tulluudhaan gubbaa taa`aanii haa iyyanii. Isaan waaqayyoo ulfina haa kennan galata isaas warra biyya galaanaa gidduu keessa jiraatanitti haa himanii!. Waaqayyo akka loltuu jabaatti gadi ni baha. Akka gootas hinaaffaan isaa isa keessaa ni dammaqa. Inni dhaadannaa lolaa ni dhaadata. Sagalee guddaanis ni dubbata. aangoo isaas diinota isaatti ni agarsiisa. Yommus Waaqayyo. << Ani yeroo dheeraan calluma jedhee gadi jedhee of qabees ture amma garuu akka dubartii ciniinsifattuu tokkochummaan nan aada. Nan argana nan iyyas ani tullootaa fi gaarota nan onsa biqila achirra jiru nan gogsa lagootii bishaan keessa yaa`anis gogsee akka biyya galaana giddu nan godha burqoota nan gogsa warra jaamota garuu karaa isaan hin beekne irraas isaan nan geessa. Dukkana ifatti isaanii nan geeddara iddoò jajal`aas wal nan qixxeessaaf ani kan isaaniif nan godha deebi`ee isaan hin gatu warri

waaqayyoolii tolfamanitti amananii isin waaqayyoolii keenya isaaniin jedhan deebi`anii ni qaneeffatan. >>

Isin warri duudaan dhaga`a!

Isin warri jaamaanis argaa!

Garbicha koo malee jaamaan eenyu?

Ergamaa dhuma koo kan ani erge malee duudaan eenyu?

Akka isuma guutumatti kan koo ta`uun isaa beekamaa akka garbicha kootiis eenyutu jamaadha?

Wanta baay`ee argitaniirtu. Isa isin eegdan gurri keessan banamaadha garuu wanta tokkollee hin dhageessan jedha.

Waaqayyo qajeellummaa isaatiif jedhee seera isaa guddaadhaa fi ulfinna qabeessa jechuun ni jaalate.>>

Kiristaanotiin raajii kana mara isaatuu ni mormu. Aariidhaanis isin Muslimtoonni waan gooftumaa Yasuus hin fudhanneef macaafa qulqulluu dubbisuu hin qabdan nuun ni jedhu. Muslimootiin ammoo waan isaan fayyaduu fi hin fayyadne ni beeku. Amantii isaanitiif yeroo kamiyyuu kan bu`uura godhatan Qur`aana Qulqulluu qofa yoo ta`uu innumti qur`aanni kun waan dubbatu ni qaba haa ilaalluu.

<< Wanta nuti sitti buufne kana irraa yoo shakkii qabatteef warra siin duraa kitaaba dubbisan gaafadhu. Dhugaan kun

Rabbiii kee irraa waan sitti dhufeef ati hin shakkin.>> Qur`aana 10:94

<<Isaannan warra isaan biratti kan jiru Tooraati fi Injiiliin keessatti barreeffamee kan argan kan hin barreessineefi hin dubbifne kan ergamaa ta`e warra hordofaniif ni kataba dhugaan>> 7:157-58

Mormii kiristaanotaatiif deebii kan nuuf ta u nuti Muslimtoonni Macaafa Qulqulluu wanti sakattaanuuf dhugaa kitaaba keenyaan nutti himame irratti hundaa`uudhaan waan ta`eef mirgi dubbisuu ammaas nama maraafuu banaa waan ta`eef dubbisuu fi hubachuu irratti walii galuun barbaachisaadha.

Yeroo Qur`aanni bu`ee fi Nabi Muhammad (S.A.W) ergamanitti ijoollee Israa`eelii keessaa Macaafa isaanii keessatti mallattoon akkanaa ni jiraa jedhanii gara Islaamummatti seenuudhaan ragaa bahaniiru. Gabatee asii gaditti dhiyaatu keessatti raajichi kun Yasuus fi Nabi Muhammad (S.A.W) eennuun akka ilaalu ni ilaallaa hubannoodhaan haa xiinxallinuu!

| Isaayyaas 42 | Nabi Muhammad (S.A.W) | Yasuus kiristoos(A.S) |
|---|---|---|
| Kan ani irkisee qabe | Nabi Muhammad (S.A.W) Rabbiin irkisee qabeera. Ragaan kanaa waranni akka ibiddaa itti qabsiifamee isaan ajjeessuu fi amantii islaamaa balleessuudhaaf mormitoonni Makkaa yaaliin isaan hin goone hin jiru. Irra caalaa ammoo gara boodaa moo atamaa harka kennatanii gara Islaamummaatti seenuun ifaadha. Qormaata akkasii keessa darbanii du'a nagahaa du`aniiru. << Kunoo kan ani irkisee qabe>> kan rabbiin jedhu seenaa amantii islaamaafi seenaa nabiyyichaa yoo qoranne sirritti ifaa waan ta`uuf xiin xallaan ni barbaachisa iccittiin baruudhaaf. | Akka kiristaanootiinjedhanitti raajiin kun yoo kan Yasuusiin ilaaluu ta`ee maaliif << Yasuus dirqamaan tumamee ajjeeffamee muka irratti fannifamee ree? Akka amantii Islaamaatti Yasuus kan hin dune yoo ta`e illee dhimma wali falleessu waan ta`eef irkisee qabe jechuun haala Yasuusii amma kiristaanotiin itti amananiitiin kan wal fakkaatuu miti. Irkifamee fi ajjeeffameen faallaa lamaan. Garbicha kan jedhu Yasuusii kiristaanotiin waaqeffataniin tokkoo miti. Wal faallessa. Akka amantii isaaniitti yoo hubanne yasuus<br>a) Gooftaadha.<br>b) Ilma Rabbii ti<br>c) Jecha Rabbii fi<br>d) Qaama Sillaasee ti malee garbichaa miti. Garbicha |
| Gabricha kiyya | Gabricha kiyya kan jedhu kana irratti hundaa'e Islaamummaa | |

| | | |
|---|---|---|
| Saba biyya lafaatiin murtiin ni kennama! | Rabbiin malee dhugaan gabbaramaan hin jiru. Nabi Muhammad (S.A.W) ergamaa Rabbii fi garbicha Rabbii ti kan jedhuufi raajii Isaayyaas keessatti garbicha kiyya jedhu waan wolitti qadaame tokko waan ta`eef qu'adhaa! Jechi akkanaa kuni kan agarsiisu amantiin Islaamaa ummata addunyaa maraaf kan filatame ta`uuf Nabiyyichis kan ummata maraaf murtii kennuudhaaf ergame ta uu nutti mul`isa. << Atis ilmaan namaa maraaf oduu gammachiisaa fi sodaachisaa haa himtuu malee sin hin ergineeyyu. Haata u malee irra bay`en ilmaan namaa hin beekan>> | taanaan garuu rabbummaan isaa hin jiruu beekaa. Yoo Yasuusiin hintaane garbicha biraa barbaaduudha. >> Yasuus akka waangeela maati wos keesstti << kara warra ahizaa hin deeminaa.>> Maat 10:5-6 Akkamitti Ahizaab fi murtiin ni baasa jedhamaree? Wal falleessuudha. Yasuus gosa israa`eeliif malee hin ergamne jedhee irra deddeebi`ee dubbateera. |
| Dachii irratti murtii hanga godhuuf ni ifa malee hin badu. Ahizaabillee maqaa | Waggoota 23 keessatti seera Rabbiitiin murtiin akka kennamu taasisuudhaan har`a addunyaa irratti manneen murtii shari`aa hujii irratti ni jiru. Kan Qur`aanaan murteessan. Namni kamiyyuu yoo amantii | Manni murtii kan macaafa qulqulluu murteessu addunyyaa irra hin jiru. Yasuus murtiif hin dhufne jidhee jiraa? Yasuus garuu Ahizaab maqaa kiyyaan ni amananjechuu dhiisaatii kara mana Ahizaabtuu hin deeminaa uduu jedhe jiru akkamitti raajiin kuni isa ilaala? Warra |

| | | |
|---|---|---|
| isaatiin ni amanu. | Islaamaa seenu ragaa inni kenna.<< Ani ragaa ni baha Rabbiin malee gabbaramaan dhugaa hin jiru. Ani ragaa ni baha Nabi Muhammad (S.A.W) ergamaa Rabbtii fi gabricha Rabbiiti. >> jechuudhaan maqaa isaaniitiin ni amana. | akka hoolaa mana israa'eeliitiif badeef malee hin ergamne jedheera. Mat 15:24 mana yaa'iqob irratti ni muudama. Luqaas 1:32. |
| Harka kee sin qaba si eegaalle. | Nabi Muhammad (S.A.W) akka harka qabee Rabbiin eega turee Qur'aana irraa haa ilaallu. <<Allahiin ergamaa Isaa jireenya addunyaatii fi aakiraatti hin gar gaaru namni jedhee yaadu haada fudhatee hanga sama aatti oli diriirsee hanga hafuurri isaa addaan citutti ufi hudhee haa ilaalu! Yoo kan daba yookaan shira isaa salphisuuf taate >> Qur'aana 22:15 karaa birootiin immoo yaaliin waraanaa fi ajjechaa martinuu kan fashalaa'e kufeef waan Rabbiin harka isaanni qabeef malee dandeettii isaatiinii miti. | Asirratti yoo harka qabe Yasuun eegee jirate Yasuusii dhugaa uduu hin taane Yasuusii kiristaana maaliif Yihuudotiin ajjessanii muka irraatti fannisan? Yasuusiin dhugaan hin fannifamneeyyu. Garuu raajiin kun Yasuusiin kan fakkaatuu miti. |

| | | |
|---|---|---|
| Warra dukkana keessa taa`aanii mana hidhaatii ni baafta. Ani Rabbi maqaan koo kana. | Amantiin Islaamaa tarkaanfiin inni dura garboota bilsa baasuudha. Kunis qabatamaan mul'ateera. Nabi Muhammad (S.A.W) akkuma ergamaniin Rabbiin malee gabbaramaan dhugaa hin jiru jedhan barsiisuudhaan maqaa Rabbii isa qulqulluu barsiisaniru. | Yasuus akka jedhetti mootummaan kiyya asii miti. Man samiiti malee kan lataatii miti jechuudhaan israa'eel itti himeera. Akka wamaa gochuu hin dandeenne himee isaanis hedduu itti aaraniiru. kiristaanotiin ammoo maqaa Rabbii sadi gochuudhaan Sillaasee yookaan abbaa ilma hafuura qulqulluu itti moggaafatanii ni jiru. << Maqaan koo kana>> kan ani Rabbii tokkichaa jechuudha moo sadiif tokko yookaan Sillaaseedha? |
| Kabajjaa kiyya kan birootiif galata kiyyas waaqayyoolii tolfamaniif hin kennu. Handaara lafaa irraa Rabbiif faaruu haarawaa fi galata Isaa faarfatanii | Erga Nabi Muhammad (S.A.W) ergaman haga guyyaa xumuraa << Allaahu akibar >> ni jedhama. Alhamdulillaah rabbil aalamiin ni jedhama. Fakkiiwwan tolfaman Islaamummaa keessatti dhoorgamaadha. Faarfannaa fi galatni haarawaani kan amma karaa Islaamaatiin ittiin sagadamaa jiru kan namni muslimaa martuu gareenis ta'ee dhuunfaan itti waaqeeffatu. Ummatni addunyaa martinuu afaan tokkoon nisalaata. | Yeroo ammaa kiristaanootiin kabajaa kan kennaniif Yasuusiif. Yasuus kan galatoonfame haata'u ni jedhu Rabbiin garuu galata koo kan birootiif hin kennu jedheera. Yasuus faarfanna ijoollee Israa'eeliitiin alatti kan biraa hin fidneeyyu. Ummatichi kiristaana addunyaa martinuu afaan adda addaatiin sagadan malee akka muslimni ataan Arabaa qofaan sagaduu miti. |

| | | |
|---|---|---|
| Gandootiin Qeedar keessa namootiin jiraatan sagalee ol haa fuudhan. Kan Seellaa jiraatan haa ililchanii mataa tulluuwwanii irratti taa`anii haa iyyanii. diinota isaa irratti ni jabaata. | Kun hundinuu Makkaafi Madiinaa keessatti mul`ateera qabatamaan hujitti hiikkameera. Warri Makkaa akka sagalee ol fuudhu warri Seellaa yookaan (Madiinaa ) ammoo ililchu kan jedhu hujitti hiikkamee argameera. Nabi Muhammad (S.A.W) diinota isaanii irratti jabaachuu seenaan addunyaa galmeesseera. | Qeedar Makkaa yoo ta u Seellaan ammoo Madiinaadha. Seeraa fi sirna amantii kiristaanaa kan Qeedar fi Seellaatti geggefame hin jiru. Yasuus illee achitti hin barsiifne. Kun seera Islaamaa ti malee kan kiristaana miti. Yasuus ammoo diinota keessan akka mataa keessanitti jaaladhaa jedhee barsiiseera. Diina isaa irratti hin jabaanne. Hin waraannes. |
| Warri fakkiiwwan tolfamanitti amanan ni baqan. Warri isaan waaqeffatus gara boodaa ni deebi`u ni qaana`u. | Nabi Muhammad (S.A.W) namni fakkiiwwan hojjatu abaaramaa akka ta`e tolchanii barsiisaniiru. Booda garuu qaana`uudhaan duubatti deebi`uudhaan nuti kanatti hin amannu jechaan warri biroo wal mormaan ni jiran. Amanta kirirstaanaa keessattis. | Kiristaana biratti fakkiiwwan dhoorkaa miti. Suuraa Yasuusii kan haadha isaa wajjiin gabbaruudhaaf kaasanii manatti fannifachuuf ittiin kadhachuun ifaadha. |

| | | |
|---|---|---|
| Garbicha koo caalaa jaamaan eenyu? Akka ergamaa kootis doofaa kan ta'e eenyu? Rabbii ququllinna isaatiif seera isaa ol'aanaa gochuudhaaf kabajjuu ni jaalate. | Inni kun akka seenaan Qur'aana irraa baruun danda'amutti Nabi Muhammad (S.A.W) barreessuufi dubbisuu waan hin dandeenyeef kan dubbatamee hubadhaa!<br>Seerri Rabbii Islaamummaa keessatti seera seerota maraa olitti kabajjamu kanas gabricha jedhame kanatu barsiise itti hojjatee hojjachisee qabatamaan agarsiisee ammas ittiin hojjatamaara. | Yasuus hayyuudha. Hayyummaadhaan ni guddate. Namni tokkoyyuu uggee Yasuusiin jaamaa fi doofaadha kan jedhu yoo jiraate macaafa qulqulluun falmuudha. Luuqaas 2:52 ilaala. Yasuus <<Rabbiin>> yoo ta'e Rabbi jaamaa fi doofa? Haaqorannuu irra deebinee ! akka amantii kiristaanaatti seerri diigameera <<karaa tokko seerri inni duraa sun dadhabbii isaatiif waa'ee utuu hin baasin hafuu isaatiifis diiggameera. Ergaa Ibroota 7: 18 19 kanaafuu dhimmi asii olitti hubanne martinuu faallaa Yasuusiiti baradha.>> |

5) Waangeela Yohannis 16:5-8

Yasuus << Amma garuu gara isa na ergee nan dhaqa. Isin keessaas tokko illee eessa dhaqxa?>> jedhee ana hin gaafatu. Waan ani kana jedheef immoo garaan keessan bay'ee gaddeera. Dhugumaan isinitti hima yoon adeeme isiniif wayya. Yoon adeemuu dhabaadhe inni isiniif dubbatu gara keessan hin dhufu. Ani yoon dhaqe isa isiniif erga. Inni yommuu dhufu waa ee cubbuu waa ee qajeellummaa waa ee murtii biyya lafaa ni hubachiisa.>>

Ergaan xumuraa kan Nabi Muhammad (S.A.W) irratti bu`e wantoota asii olitti dubbataman maraa guutee ni argama. Yasuusiin booda namni addunyaa hubachiisaa ture nabiyyichuma kana isa Qur`aanaan dhufe waan ta`eef ragaa ifa galaadha. Kiristaanotiin dhugaa kana dhoksuudhaaf jecha hafuura qulqulluudhaaf jedhanii hiikkatu. Yoroo cuuhpaa Yasuusi tti akka maatiwoos 3:16 irratti galmaa`ee jirutti hafuurri qulqulluun sama`a irraa bu`ee waan bu`eef achiin booda yoom oli deebi`eeree? Kan namaaf dubbattu kan jedhu hiikkaa Giriikii irraa kan argame<Ahmad> jechuudha.

6) Wangeela Yohaanis 16:12-15

<< Ani waan bay`ee kanaan isinitti himu illee qaba. Ammaaf garuu baachuu hin dandessan. Hafuurri dhugaa sun yommuu dhufu gara dhugaa hundumaa keessatti isin ni geessa. >> Inni waan dhaga`u dubbata malee of keessaa fuudhee hin dubbatu. Waan dhufuuf jirus isinitti ni mu`isa. Dubbii koo keessaa fuudhaa waan isinitti mul`isuuf inni anaaf ulfinna ni kenna.>>

Barsiisotiin kiristaanaa raajii kan kan hiikaniif hafuura qulqulluudhaaf jechuudhaan Gaafiin bu`uraa kan dhiyeessunuuf barsisota kanninii inni hafuurri qulqulluun inniinuu Rabbii waan qaamota Sillaasee keessaa tokko ta`eef eenyuun irraa dhagaha? Of keessaa fuudhee kan dubbachuu hind an deenye Rabbii miti

jechuudhaan itti walii galla. Nabi Muhammad (S.A.W) kan dura ittiin waamamaniin tokko ta`ee argameera. Amanamaa. Nabi Muhammad (S.A.W) jechuudhaan moggaafameef maqaa ni qabu ture. Nabi Muhammad (S.A.W) akka ergamanii dhufaniin Nabi Iisaa (A.S) kabajaniiru. Maqaa haadha isaatiin Qur`aana keessatti boqonnaan tokko moggafameera. Salhpinna warri Isiraa`el itti gonfaa turaniis kufaa tasisuudhaan Iisaan ilma Mariyam qulqulluu kan dhugumaan abbaa malee haadha irraa ta`ii Rabbiitiin argame malee akka Ayihuudotiin maqaa isaa xureessanii diqaalaa dhalate jedhan kuffisaniiru.

7) Mul`ata yohannis 19:11

Kana booddee ilaalee bantiin waaqa banamee farda adii tokkos nan arge. Inni fardicha irra taa`es maqaan isaa << Amanamaa dhugaas>> ni jedhama. Murtittis qajeellummaan ni hojjata.

Mul`ata Yohaanis jechuun hanga Yasuus gara mana samitti ol fudhatameen booda bara 98 raajii mul`ateedha. Nabi Muhammadiin (S.A.W) wal-fakkaataadha. Sababaanis Yasuusiin booda mul`ata kana keessatti dubbatame guutaniiru. Fakkeenyaaf

1) Amanamaa dhugaa fi maqaan isaa kan jedhu Nabi Muhammad (S.A.W) uduu hin ergamin duratti maqaa isaanii Muhammad

Amiin / Muhammadiin amanamaa yookaan kan dhugaa dubbatu jedhamanii ni beekkamu ture.

2) Qajeellummaadhaan murtii kennuu fi lolattis qajeelaa yookaan lola haqaa geggeessuun mul`atate hujiitti hiikkamee ni jira. Haata`u malee qajeelfamni amantii kiristaanaa lola waan <u>dhorkuuf</u> Mul`atni kun kan Islaamaa ti. Ufi-eeggannoo fi hubannoodhaan qorachuutu nama barbaachisa malee waanuma namoota irraa dhag`an dhuga`oomsuudhaan lubbuu ufii ibiddatti gatuu irra kara kolbaatti deebi`uun murteessaadha.

8) Seera keessa deebii 18:18 << Ani raajii akka keetii obboloota isaanii keessaa isaaniif nan kaasa dubbii koo afaan isaa keessaa nan kaa`a inni immoo wanta ani abboome hundumaa isaanitti ni hima.>>

Ijooleen dubbii kan raajii kana keessaa fudhannu.

1) Israa`elii fi Arabootiin obboleeyyan waan ta`aniif Rabbiin Nabi Muusaadhaan (A.S) raajii akka keetii ni kaasa jechuun Nabi Muhammadiif (S.A.W) waan heddurraatti Nabiyootiin kunniin lamanuu waan wal fakkaataniif

Fakkeenyaaf

Lamaanuu haadhaa fi abbaa irraa dhalaatan

Du`a nagahaa du`uudhaan

Lola amantii gaggeessaniiru.

Ummata isaaniitiif bulchoota turaniiru.

2) Kiristaanotiin raajiin kun Yasuusiif dubbatame yoo kan jedhan ta`e ulaagaalee asii olitti caqafaman kanniin Yasuu hin guutuyyu. Nabi Muusaadhaan gonkumaa wali hin fakkaatan.
3) Dubbii isaa afaan Nabi Muhammad (S.A.W) ka`eera. Jalqaba yeroo duraatiif Qur`aanni yoo bu`u dubbii isaa afaan ka`ee dubbis jedheen.
4) Kan seenaan addunyaas mirkaneesse Qur`aanni kan dubbifmuun maqaa

   Rabbiitiin wan ta`eef << Raajii waaqaa kootiin dubbatu >> Kan jedhus karaa Nabi Muhammadiitiif (S.A.W) hujitti hiikkameera.
5) Dubbii Nabi Muhammad (S.A.W) qabatanii namoota hin dhageenne haluu ni bahaaf akka jedhamee Macaafa qulqulluu keessatti dubbatametti Rabbiin haluu bahuuf isaa seenaa amantii Islaamaa irraa hubatamuun ni dand`a ma. Warri kumaatamaan laaka`aman Islaamummaa balleessuudhaaf yaaliin isaanii kufaa ta`uun raawwii raajii kana ti.

## **Deemsa Hajjii gara Makkaati Godhamuuf Ra..aan Macaafa Qluqullu raajii Isayas 60:1-22**

Raajiin Macaafa Qulqulluu keessatti dubbatamee kun waa`ee m Rabbii kan Makkatti argamu yoo ta`u kiristaanootiin dhimma kana Tsiyooniif dubbatame jedhani ni mormu. Mormuudhaan dura garuu

murtii sirri ta`e argachuudhaaf dubbiiwwan dubbataman tokko tokkoon madaaluun hedduu ni barbaachisa. Raawwiin qulqullaa`e mirkanaa`uu ni qaba. Yoo raawwatamees jiraates eessaa fi yoom raawwatame? Raawwii isaa yoo argame fudhachuu yoo dinne ammoo kitaabuma keenna dhiisuu yookaan shakkuu ni ta`a hubadhaa.

Ifni kee dhufeera. Ulfinni waaqayyoos siif bu`ura kanafis ka`ii ibsi! Kunoo dukkanni lafatti ni uffisa, dukkanni limixiinis saba lafaa irraa ni dhoksa siif garuu ifni waaqayyoo ni baha. Ulfinni isaas siif ba`uu ni dhufu, 4 ol jedhii asiifi achi ilaali hundumtu isaanii walitti qabamanii gara kee ni dhufu. Ilmaan kee fagoodhaa ni dhufu. Intaloota kees kaasuuti baatanii gara kee ni fidu. 5 Ati kana yommuu argitu fuulli kee ni ifa. Onneen kees gammachuu irraa kan ka`e na`ee ni dha`ata. Qabeenyi galaana keessa jiru hundinuu kan kee ni ta`a, badhaadhummaa saba lafa irraas siif ni fidu. Gaalonni cocolleen danuun biyya Miidiyaanii fi biyya gefaritii dhufanii biyya kee keessa ni guutu. Namooni biyya Sheebaatii dhufan hundinuu warqeedhaa fi ixaana fe`anii ni fidu. Galata waaqayyoos ni himu. 7 Karri bushaaye Qeedaar hundinuu siif walitti ni qabamu. Korbeeyyiin Nabaayootiis Isaan hundinuu aarsaa fudhatamoo ta`anii iddoo aarsaa isaa kan waaqayyoo irratti ni dhiyeeffatamu. Waaqayyoo ammoo namni ulfina isaa tii ulfina akka argatu ni godha. 8 Warri akka duumeessaa akka guugeewwan maan`ee

isaanii tti fiiganii balali`an kun eenyu ta`a? 9.Ilmaan kee warri biyyoota galaanaa jidduu keessa waaqayyoon abdatan biyya fagoodhaa warra fidan keessaa markaboonni tarshiish warra duraa ti. Isaan meetii isaanii warqee isaanii wajjiin ni fidu. Kanas maqaan waaqayyoo gooftaa kee isaa qulqulluu kan Israa`el isa ulfina siif kenneef jedhanii ni godhu. 10 Waaqayyo

<< Yerusaalam>> warri keellaa mandara keetii ni ijaaru mootonni isaanis siif ni hojjatu. Ani aaree si rukutee ture. Amma garuu siif oo`ee sin maara 11 Sabni lafa irraa badhaadhummaa isaanii gara kee akka fidaniif mootonni isaanii tarreedhaan akka ol galaniif karroonni kee yeroo hundaa banamanii ni taa`u. halkaniifi guyyaas hin cufaman. 12 Sabni yookiis mootummaan siif hin hojjanne ni bada. Inni raawwatee ni balleeffama. 13 Yommus Yerusaalemin deebisanii ijaaruuf mana qulqullummaa koo ittiin miidhagsaaf mandaraa koos ulfinaqabeetti gochuuf birbirsa mukaa yeroo hundumaa baalli isaa lalisuuf qaraaroo caakkaa liibanoon keessaa ni fidu. 14 Ilmaan warra si cunqursaa turanii amma gugatanii gara kee ni dhufu. Warri dur si tuffatan hundinus amma millaa kee jalatti ni kufu.

Ammas deebinee deddeebinee raajiiwwan laamaan Isaayyaas <42> fi <60> yoo xiinxallinu gaafii cimaan warroota kiristaanaa gaafannu dhugumaan raajiiwwan kunniin raawwatamaaniiru moo

hin raawwatamne? Raawwataman taanaan akkaataa amantaa kiristaanaatiin bu`aa maal qaban?

Raawwiin isaanii immoo akkaataa amantaa Kiristaanaa tiin waaqeffannaa keessatti hangam itti hojjatamaa jiran? Yoo kan itti hin hojjatamin ta`aniif ammoo maaliidhaaf?

Karaa biraatiin raajiin Isaayyas 60 Makkatti akkuma Macaafa qulqulluu keessatti himameen qabatamadhaan hojii irraa oolaa yoo jiratan hiikkaan kana kolba gara amantii Islamaatiin waan ifa bahaa deemaniif kunis kan raawwatame ergamummaa Nabi Muhammad (S.A.W) irraa eegalee waan ta`eef ammas qorannoo fi qu`nnoo cimaa ni barbaachisa. Hubanno argatuuf.

Dhimichi akka warri biroo falmutti yoo kan Tsiyooniif dubbatame ta`e hiikkaan isaa haalaa fi amala Makkaa ta`uun isaa maal irraa ka`ee ti? Isilaamummaa qabaachuudhaaf ragaan keenya Qur`aana yoo ta`u, Macaafni qulqulluunis yeroo ammaa ragaa dabalataadha. Amma kanaa gaditti aansinee haala raajiin kun Makkaadhaan itti wal faqkkatuun tokko tokko ni ilaalla.

Adhaan tana raawwatamuu fi raawwatamuu dhabuun raajii kana kiristaanota biratti itti hin yaadamneeyyu.

Yoo raawwatameef eessatti? Yoo hin raawwatamneef yoomitti eeggama? Gariin namoota kiristaanaa raajii kana waan dhagahaniif dubbisaniiru illee hin fakkaatan. Gariin isaanii yoo dubbisanis maaliif irra darbu? Gariin isaanii seerri Kakuu Moofaa waan

diiggameef itti yaadda`uun hin barbaachisu ni jedhu. Macaafa qulqulluu jedhamee Kakuun Moofaanillee maaliif moggaafame yoo jedhan deebiin hin jiru.

| Raajii Isaayaas 60 | Makka | Tsiyoon |
|---|---|---|
| Yeroo sanitti barakaa addunyyaa waan gara kee deebi`uuf durummaa saba maraa gara kee waan dhufuuf Hedduminni gaalotaa gaalotni Midiyaam fi Geefar simarsu martuu Saabaa irraa ni dhufu saabaan kan argamtu Yamanitti | Yeroo sanitti barakaan addunyaa kan jedhamu yeroo raajiin kun hujitti hiikkamutti yoo ta'u yeroo ammaa Makkatti barakaa addunyaa mara irraa gara galee hin jiru ? gaalotiin gara mana Rabbii kana kan dhufaniif<br>1. warqee fi hixaana baadhatani ti<br>2. ciincaadhaafii yookaan qalma guyyaa Arafaatiif. | Barakaan addunyaa maraatuu gara Tsiyoon hanga ammaatti hin deebine. Tsiyoon irraa kan argamu Ibidda waraanaa qofa. Ammas gaalotni warqee fi hixaana baadhatanii Saabaa irraa gara biyya Israa'il ni deemu namni jedhu yoo jiraate sammuun isaa sirrii miti. |

| | | |
|---|---|---|
| | Martinuu Saabaa irraa ni dhufu kan jedhu Yaman keessaa gara Makkaatti dhufu malee Tsiyoon miti. | Ammas gaalli Israa'il biratti hin nyaatamù kanaaf halli amma Makka jiru raajii kanaan kan wal-simuudha. |
| Balbalootiin kee yeroo maraa ni banamu. Namootni durrummaa saba lafa warra booji'amtootas moototiin kee gara kee akka fidan guyyaa fi halkanis hin cufaman. 60:11 | Mana Rabbii kan Makka keessatti argamu addunyaa tana keessatti kan balbalti Isaa hin cufmne yoo ta'u raawwiin raajii kanaa ifa gala ta'eera. | Baay'inni ummata mana kanatti deemu irraa ka'ee balbaltoonni cufamuu dhabuu mataan isaatuu waan Tsiyooniin walfakkaatuu miti. Kana mormuun wanta adii tokkoon gurraacha jechuudha. |
| Warri situffatanis | Warri dura amantaa | Kan dura |

| | | |
|---|---|---|
| miila kee jalatti ni sagadu. 60:14 | Islaamaa fudhachuu didanii mormaa turanis miila mana kanatti sagaduun mul'ateera. | Tsiyooniin tuffate amma itti deebi'ee sagadu meeti ? Ayihuudii fi kirstaana gidduu garaa garummaan waan jiruuf miilatti sagaduun hin jiru. |
| Eenyu illee nama keessa akka karaa kee hin darbinitti kan jibbamtee fi dhiifamte turte. Amma garuu boontuu bara bara hanga ijoollee ijoolleetti gammachuu siif ni taasisa. | Amantaa Islaamaatiin dura Makkaan gatamtuu turte. Amma garuu giddu gala addunyaa taatee magaalaa Arabaa qofa uduu hin ta'in magaalaa guddittii ummata muslimaa addunyaa irra jiruu ti. | Magaalaan Isaa'el tan taate Tsiyoon garuu moototiin addunyaa gara garaa irratti jijjiiramaa Israa'eliin garbomiftaa waan turaniif magaalaa Siyaasaa fi waraanaa turuu isiitiif ragaan |

| | | |
|---|---|---|
| | | Macaafuma qulqulluudha. Mee hubadhaa. |
| Mootummoota kee Nagaa bulchoota kees qulqulloota ni taasisa. Achiin booda dachii kee keessatti hiyyuu fi waraannis hin dhaga'amu. Dalla'a kee fayyinsa balbaloota kee galata jettee ni waamatta. 60:18 | Makka keessa Nagayatu jira. Miidhaan tokko tokko hin jiru. Hiyyummaanii fi waraannis Makka keessatti hin dhagahamuuyyu. | Tsiyoon akka Nagaha hin qabne hubadhaa. Warraanni bara bara kan Tsiyoon yoom akka caamu hin beekamu. Daqiiqaa fi sakanditti Reediyoo yoo caqaftan waraana Tsiyoon moo nagaya isii dhageettu? |
| Ummatichi kee martuu qulqulluudha. 60:21 | Akka barumsa Islaamaatti ergaa Nabi Muhammad (S.A.W) ittiin dhufe | Ummatichi Israa'el akka abaaramu waan ta'eef Macaafa |

| | | |
|---|---|---|
| | kan fudhate martinuu qulqulluudha. Ummatichi Makkaa ulaagaa Islaamummaa guutuu kabajaadhaan fudhatee fuula dura deemaara. Kanaafuu raawwii raajii kanaa qorachuu fi hubachuun ni barbaachisa. | qulqulluu keessattii fi Qur'aanatti illee eessaan martinuu qulqulluu ta'e ree ? |

Raajiin Isaayyaas 60ffaan Makkaadhaan hujii irra ooluun isaa namoota hedduuf raajjeffannaa guddaa ta'uu caalaa illee namootii baay'ee Onnee isaanii gara amantii Islaamaa harkisaa ni jira. Wanta kitaaba kana keessatti dubbatame haa ta'uu ragaalee gara birootiin illee Macaafni qulqulluun waa'ee Nabi Muhammad (S.A.W) maal jedha gaafii jedhuuf deebiin warra kiristaanaa << waamaa hin jedhu >> kan jedhuudha. Haata'uu malee ragaalee walfakkaataa yookaan wal simatan kan sirritti walitti galan irratti yaada tokko illee hin kennan. Dhugaan yeroo xinnoodhaaf dhokatuun ni mala.

Haata'uu malee guutumaan guututti cufamee hin hafu. Dhalootni ammaa kun karaa tokkoon carraa guddaa ni qaba jechuun ni mala. Sababaan isaas amantii xiinxalluudhaan filachuudhaaf yeroo kana keessatti haalli mijaawaadha. Ragaaleen ni jiru. Karaa birootiin ammoo ragaaleen ifa bahan irratti hundoofnee yoo amantii keenya hin sirreeffanne ammoo adabbii hamatu nu muudata. Xumura irrattis raajiin kun kan dubbatamee fi Tsiyooniif uduu hin taane Makkaadhaaf ta'uun ragaan dabalataan ni jira.

1. << Mana kabajjaa kiyya ni kabajja >> 60:7
2. << Qulqullittii Israa'elii tan taate Tsiyoon siin ni jedhu.>> 60:14
3. << Bulchoota kee illee qulqulluu ni taasisa.>> 60:17

Qabxiiwwan asii olitti caqafaman sadiin kanneen kan faallessan haalaa fi amala Tsiyoon keessa turte Macaafa qulqulluu keessaa waan Rabbiin Tsiyooniin jedhu haa ilaalluu:

Warra jallinnaan Saba gaggeessan irratti dubbachuun isaa Macaafa Miikiyaas raajichaa 3:1–4 yommuu ani warra ijoollee Yaaqoobiitiif dura buutuu ta'aniin, warra mana Israa'el geggeessaniinis << mee dhageeffadhaa! Wanta qajeelaa ta'ee fudhatame beekuun isiniif hin ta'uuree? Isin garuu wanta gaarii ni jibbitu, wanta hamaa immoo ni

jaallattu, Namoota irraa gogaa isaanii, lafee isaanii irraas foon isaanii ni quunciftu. Foon saba kootii kan nyaatu , gogaa isaanii kan irraa baasu , lafee isaanii kan caccabsu akka nama foon tuwwetti naquudhaaf mummuruu huuratti naquudhaafis kukkutuu kan godhu isini.>> Bulchoota kee illee qulqulloota ni taasisa kan jedhuu fi faallaa isaa Macaafa qulqulluu irraa yoo dubbiftan maal fakkaata. ??? Ammas Macaafa raajichaa Miikiyaas 3:9 – 12 yoo ilaalle mana kabajaa kiyya ni kabajja kan jedhuun wanta wal faallessu ni qaba. << Murtii kan jibbitan karaa qajeelloo irraas kan micciirtan isin hoggantoonni mana Yaaqoobii fi Bulchitoota mana Israa'el ! mee wanta kana dhagahaa. Tsiyooniin dhiigaan Iyyarusaalemitti cubbuu ni hojjetu. Hoggantoonni isii mattaadhaan ni murteessu. Barsiiftonni amantiis mallaqaan ni barsiisu. Nabiyyootni isii illee mallaqaan ni gorsan. Kana wajjiinis Rabbiin nu gidduu miti ? Wanti hamaan tokko illee nutti hin dhufu jechuudhaan Rabbiin ni amanan. Kanaafuu sababa keessaniif Tsiyoon akka maasaa qonnaatti ni qotamti. Iyyarusaalemis tuulaa dhagaa ni taati. Gaarri manichaas akka dheerina bosonaa ni ta'a.>> Qabxiiwwan sadiin olitti caqafaman maraa kan raajii Isaayyaas 60: 7, 60: 14 fi 60: 17 raajiin Miikiyaas ni diiga. Yookaanis akka Tsiyooniif hin taane nu argisiisa.

Kanaafuu mana kabajjaa Tsiyooniin ala kan biroo haa barbaadannu. Faallaa kanaa ammoo manni kabajjaa kan Rabbii kan Makkatti argamu kan nagayaa fi kan akka maasaa qonnaatti hin qotamne ta'uudhaaf kan tika Rabbii jala jiru ta'uu mee Qur'aana Rabbii keessa haa dubbifnuu.

<<Gaafa Ka'abaa Makka keessa jirtu mana waaqeffannaa Rabbii bakka namni itti wal-gayuu fi amanu goone yaadadhaa yookaan dubbadhu. Warra Ka'abaa keessa taa'uu fi kan isii keessatti salaatuuf qopheessaa. Gaafa Nabi Ibraahimii fi Ilmi isaa Ismaa'il bu'uura yookaan dhaaba Ka'abaa ol fuudhanii ijaaran yaadadhaa. Yaa Rabbi ijaarsa nuti Ka'abaa ijaarru kana nurraa jaaladhu jechuudhaan kan Nabi Ibraahim ijaaru kan nabi Ismaa'il dhagaa ol kennu.>> 2: 125 – 127

<<Rabbiin Ka'abaa tan Beeytul-haraam jedhamtu bakka namni amantii ufii tiif addunyaa ufiitiin keessatti dhaabbatu godhe, kan namni achi seenee fi amanu kan nam tokko isa miidhuuf itti hin gamne.>> 5: 97

<<Yaa ergamaa kiyya Muhammad akka Rabbiin kee bakka bu'aa bulchaa Habashaa kan (Arba) fe'atee (Ka'abaa) jiysuuf Makkatti duula godhe, hin agarree? Hin beeynee,

hin dhageennee? Dhageesse beeyte jechuu. Si Rabbiin kee mala isaanii hamaa san harkatti hin balleessinee? Bakka gayuu hin hanqifnee? Malli badaan isaan deemaniin Ka'abaa jiysuudha. Bakka bu'aa Bulchaa habashaa kan yaman san shinbirroo tuuta tuutaan itti erge. Hoggaa isaan Makkatti dhiyaatan. Tuuta shinbirroo tan dhagaa (sijjiiliin) isaan darbattu itti ergine. (sijjiil) jechuun: bordoda Ibidda jahannamiin gubame yookaan bilcheeffame... Akka baala midhaanii takkaa Qashaa horiin nyaatee udaanee, miilaan irra deddeemee caccabse isaan godhe. 105: 1 – 5

Makkaan akka Tsiyoonitti akka hin qotamne mee kan mirkaneessuu fi diinota itti dhufus akkamitti akka Rabbiin irraa deebisu haa ilaalluu. Kan seenaan addunyaa galmeesse.

<< Bara Muhammad dhalate Yaman bittaa Itiyoophiyaa jala waan turteef Bulchaan biyya sanaa Abrahaa kan jedhamu kiristaanummaa barsiisuudhaaf gara Makkaatti ni duule. Loltuu isaa kan dura dhaabbatu waan hin jirreef jiraattonni ni dheessan. Raajiin guddaan ni hojjetame simbirti girrisaan loltoota irratti dhagaa roobanii dachaasan. >> garaa garummaa amantiilee fuula 122 kan Taaffasaa Muluneh. Yaadotiin gara garaa akka ragaatti kan walitti funaanamanii

dhiyaatan hundinuu raawwii raajii Isaayyaas 60ffaa kan Makkaan hojii irra yoo oolu Kiristaanotiin dhimma kana akkamitti akka ilaalan naaf hin galu. Mana kabajjaa kiyya ni kabajja kan jedhe qajeellotti hujiin kan mul'ate Makkaadhaan. Kaa'ibaan kabbajjamee ni jiraata.

Ki`aba jigsuudhaaf yookaan diigudhaaf yaaliiwwan godhaman martuu kufaa ta`aniiru. Nuti Muslimtoonnis tanee kiristanotni jaallannus jibbinus dhugaa jiru fudhachuutu nurra jira. Bara Nabi Ibraahim (A.S) irraa eegalamee kan ijaarame manni kabajjaa kun dhalootta irraa hanga dhalootaatti darbaa kan dhufe yoo ta`u sabni lafaa martinuu miila isaa jalatti kufaa ni jira. Rabbiin akkuma jedhe eeganii ni jira. Haata`u malee Tsiyoon guyyaa dhalate irraa eegaltee hanga yeroo ammaatti naga hin qabdu. <<Bara Titoo barbaadeessuun Iyarusaalem kan raawwatame Ayhuudota bal`innaa fi fageenyaan yoo facaasus xumura badii hin turre. Waggoota 65 booda bara 136 danbalii sana irraa baqachuudhaan bulchiinsa (bittaa) Roomaa irraatti mormii kakaasuu danda`aniiru. Ammas hujii isaan facasuudhaa Haadiriyaan ni raawwate. Waggoota 3 1/2 waraana ture kanaan Filisxeemiin ni barbadeesse. Lubbuu namoota 580.000 balleessuudhaan Tsyooniin ni qote.

Kanumaan raajiin waggoota 885 dura Miikiyaa 3:12 dubbatame raawwatame.>>

Kitaaba gaafilee Mslimtootaaf deebii kiristanota jedhu fuula 90 irraa kanfudhatame.

## Goolaba

Kitaabni kun kan xumuramuun (goolabamuun) qabxiilee ciccmaa sammuu namaa sochoosu gaafachuudhaan ni ta`a. Ilmi namaa martinuu Rabbii isaa tokkochoomsuun dirqama Rabbiin isatti kenne. Tokkochumaa Allahii kanas yoo ragaa bahu akka itti ajajametti qofa malee itti dabaluudhaan yookaan hir`isuudhaan miti. Barreffama kana keessatti dhimmi xiyyeeffannaan itti kennamee inni guddaan Rabbiin ilaalchisee garaa garummaa amantaa Islaamaa fi kiristaanaa giodduu jiran qorachuudhaan wantota sammuu namaatiif shakkisiisaa ta`an irraa bilisa ta`uudhaan daandii isa sirrii ta`e qabachuun barbaachisaa akka ta`e qayyabachiisuudhaaf ga`een keenya wanta ufii keennaa hubanne tokko warra hin hin beekne hubachiisuudha. Murtiin isa xumuraa kan jiru Isumaan nu qajeelchi jechuudhaan kadhachuudha. Amantii islaamaafi kiristaana gidduu garaa garummaa jiru beeknee erga addaan baafanneen booda wal qunnamtii isaanis

beekuun abdii guddaa namaaf ni kenna. Barumsa gosa tokkoo qofa calaqqisuu uduu hin taane seenaa fi akkaataa dhufaatii amantii tokko gad fageenyaan qorannee kan dhugaa keessaa filachuun qarooma keessaa isa ol`aanaadha. Kitaaboleen amantiilee lamaaniitu gahumsa qabachuu fi ragaa ijaa ta`uu isaanii uduu hin beekne amantii tokko qabachuun sirri miti. Kanaafu amma irra deebiine karaa irra jirru akkamitti akka qabanneef hangam sirrii ta`uu isaa xiyyeffannoodhaan qorachuudha. Yoo kana gochuu dandeenye qofa kan lubbuu teenna tan isii olii wanta biroo hin qabne ibidda irra eeggachuu dandeenyu. Al tokko itti seennee karama qabanneen itti haafufnuu yoo jenne, amantii abbaa fi haadha keenyaa qabanneerraa gara baaseen nu haabaasuu jechuun kisaaraa guddaan waan fiduuf dursinee ufi –eeggachuun barbaachisaa waan ta`eef yeroo keenya fudhannee qorachuun guddisee wanta gaarii tokkoo hubadhaa! Filannoo keenya kan sirreeffachuu dandeenyu uduu du`aan hin qabamin ta`uu ni qaba. Achiin guyyaa murtii murtee Rabbiin namatti kennu fudhachuu malee ufirra deebi`anii sirreeffachuun hin dada`amu. Sammuu, beekkumsaaf qophaa`e ta`u hojjachisuudhaan ragaalee argamaniin qorannee amantii keenya haa filannu. << Islam is by choice>> dhaalaa miti akka qabeenya miti.

Amantiileen lamaanuu aadaa waliin haasa`uu fi wal irraa baruu qabachuun ni barbaachisa.

Amantii Islaamaa dhugaan kan dhufe ta'uu fi dharti ammoo baduu waan Qur`aanni jedhuu haa ilaallu.

Yaa Muhammad ! <<Dhugaan dhuftee, dharti badde, dharti yoomuu ni baddi jedhi.>> 17: 81 ---- Gaaffii sammuu isa guddaa wantootni sammuu nama shakkiisisaan macaafaa qulqulluu fi qur`aana qulqulluudhaan yoo ifa ta`anii Islaamummaan amantii dhugaa ta`uu yoo addeeesan ilmi namaa maaliif irra mara yookaan gurra cufata?

Fakkeenyaaf

1. Gooftummaan Yasuus yaa'ii Niqiyaa bara 325tti ta'een yoo murtaa`u.
2. Gooftummaan hafuura qulqulluus yoo yaa`ii bara 381qunisxinxiniyaatti ta'een yoo murtaa`uu.
3. Yasuus ergamummaan isaa kan gosa tokko ummata Israa`eliif qofa yoo ta`u.
4. Macaafota Kakuu Haarawaa yoo Yasuus hin barreessine warri barreesses Yasuusiin kan ijaan hin argin ta`e.
5. Galiin xumuraa kan kiristaanaa yoo gosa Isiraa`eliitiif qofa ta`e. (Mul`ata Yohaanis boqonnaa 7 fi 9 ilaala.)

6. Sillaasee kan jedhamu yoo Macaafa qulqulluu keessa kan hin jirre ta`ee fi Yasuusiin booda kan namootaan tumame yoo ta`e.
7. Raajiin Qur`aana kan saayintistoota addunyaatiin mirkanaa`e yoo ta`u.
8. Jaarraa 14 keessatti sammuu namaatiin boqonnaan Qur`aan`` tokko illee uumamuu akka hin danda'amne yoo mirkanaa`e.
9. Ragaan ergamummaa Nabi Muhammad (S.A.W) yoo macaafa qulqulluun mirkanaa`u.
10. Raajiiwwan Qur`aana kan waa`ee Kiristaanotaa dubbatame yoo qabatamaan hujitti hiikkaman maal eegaa jirra? << Yaa warra kitaabaa (Yahuudaadhaa fi Nasaaraa) Oduu beeytan maaliif dhugaa kijibaan maytan, haqa maaliif dhoysitan?

<<Yaa warra kitaabaa (Yahuudaadhaa fi Nasaaraa) ergamaa keenna Muhammad (S.A.W) dhugaan isinitti dhufee jira, (itti amana). Isa waan hedduu isin toowraatii fi Injiil irraa dhoysitan isiniif mul'isu yookaan ibsu. waan hedduu immoo kan dhiisu. Dhugaan ifaa fi kitaabni ifa galaan Rabbi irraa isiniif dhufe. <<Rabbiin isaan (Qur'aanaan) nama jaalala Rabbii jala deemu karaa nagayaa qajeelcha.

Dukkana irraa ifatti isaan baasa, fedhii Isaatiin. Karaa qajeelloollee isaan qajeelcha>>5:15-16.

Ragaalee jiran hundaa sakattaanee carraa qabnu maratti fayyadamnee lubbuu teenna ibidda irraa eeggachuu irratti cimsinee hojjechuudhaan dhugaaf dhara addaan baafachuudhaaf iddoma jirrutti dhaabannee filannoo amantii keennaa sirreeffachuun hangafa gorsa ol'aanaa ti. Kana gochuu dhabuun uftuulummaadhaan guuttamnee uduu deemnu yoo duuti nu fudhatte balaa uf irraa ittisuu hin dandeenyetu nu eeggata. Rabbiin tokko qofa jiraachuun dhugaa hin mormamne waan ta'eef amantii ittiin Isa qofa ittiin waaqeffannuun filachuun dirqama isa duraa ti <<Jal-qabni maqaa Rabbii guddaati, Rabbii qananii guddoo fi xixiqqoon (waan uume hunda) qananiisu>>. Faaruun yookaan galanni kan Rabbii guddaati, Rabbii aalama hundaa. Kan qananii guddoo fi xixiqqoon (waan uume hunda) qananiisu. Mootii (hallanyeeffataa) guyyaa murtii. Sima qofa waaqeffanna si qofatti gargaarsifanna. Karaa qajeellootti nu qajeelchi, karaa warra ati qananiiftee, karaa warra ati itti dallantee fi warra jallatee kan hin ta'in. 1:1-7